# Ayyaana Malakata Afuufuu

Jeffersonville, Indiana, USA

64-0719M

1 Mataa keenya gadi haa qabannu.

Gooftaa, yeroo tokko bartoonni kee jaallatamoon, "Kadhannaa nu barsiisi" Siin jedhan. Sababni isaas, Waaqayyo isa guddaa waaqarraa yommuu ijaan arginu, nuyi hammam hir'uu akka taane hubanna. Kanaaf yaa Gooftaa, amma, wantoota mootummaa kee fi gabroota kee fayyadan, garaa keenya keessatti akka kadhannuuf kadhannaa nu barsiisi. Namoota asitti argaman hundumaaf waan barbaachisu Ati ni beekta.

Kunoo ganama kanas huccuun dafqaa, marxoon (apron), kutaawwan xixiqqoo warra gargaarsa qaamaa barbaadan irraa, biyya keessaa, bakkuma fedhe irraas ta'uu danda'u minjaala irra jira. Ati garuu Waaqayyoodha, kophaa kee Waaqayyodha, Waaqni dhugaa tokkichi jiru Si'i; maqaa Yesus Ilma kee isa jaallatamaatiin tokkoon tokkoon isaanii akka fayyiftuuf Si kadhanna. Akkasumas asitti argaman kanneen huccuu dafqaa ykn marxoo hin qabne garuu fayyina barbaadan jiraachuu danda'u, isaanis fayyina haa argatan.

Biyyoota addunyaa keessaa kan baba'an jiraachuu danda'u, sagaleen teeppiin kanaa illee, mana isaanii ykn waldaa isaanii qaqqabuu danda'u jiraachuu malu. Si kadhanna yaa Gooftaa, yeroo tajaajilli adeemsifamaa jirutti-ykn bakka teeppiin kun itti dhageessifamutti, ykn bakka kamiyyuu keessa haa jiraatanii, ykn haala kamiinuu keessa kan jiran hundumaa, yaa Waayyo guddaan waaqarraa ganama kana yaada garaa cabaa garaa keenyaa kabajjee warra fayyina akka fayyiftuuf, warra rakkatan waan isaan barbaachisu akka isaaniif laattuuf si kadhanna.

Tajaajila itti seenaa jirru keessatti nu eebbisi. Mootummaa Waaqayyoof jedhii akka kanaan dura dubbattee hin beekneetti nu keessaan dubbadhu. Deebii Ati nuuf laattu maqaa Yesuusiin eeggannaa. Ameen.

2 Ammas deebinee ganama kana as waldaa keessatti argamuun keenya gaariidha. Ani immoo hiriyyoota muraasa kanneen reefuu Ohio irraa dhufan waliin haasa'aan ture-isaan gara mucaa durbaa, ishee ji'oota muraasa dura dhukkuba dhiigaatiin (leukaemia) du'uuf ture bira dhufan. Namoonni sunbaay'ee hiyyeessa turan—warri ishee. Dhuga ba'umsa waa'ee ishee barreeffamaan dhi'eete ganama kana dubbisuuf yeroo hin arganne. Garuu suuraan mucaa durbaa sanaa kan guyyaa sadii booda kaafamee jira, sun erga isheedhaaf kadhatamee booda akka ta'e nan amana. Doktooronni guyyaa sadii qofa akka lubbuun jiraattu isheetti himanii kan turan si'a ta'u, guyyaa sadii booda garuu mallattoo dhukkubichaa tokko illee ishee irraa dhabuu ragaadhaan mirkaneessaneeru. Kanaaf isheen mana barumsaa jirti, baay'ee gammachuu guddaa keessa jirti. As kutaa kana keessatti yeroo ishee waamnee kadhachaafii turre waldaan ni yaadattu.

Akkasumas daa'imni xiqqaan tokko mar'ummaan gara alaatti ba'ee wajjjin dhalatee ture. Hakiimonni hanga tokko.... Haala kana keessatti akkaataan mar'ummaanni sun itti uumame, iddootti deebi'anii kaa'uuf akkaataa hin danda'amneen ture. Isaan waan xiqqoo sana tuttuquu sodaatan—daa'ima reefuu dhalate ture. Amma mucaa xiqqaan sun akkan tilmaamutti gara waggaa tokkooti, waan akkasiiti, inni amma mar'ummaan isaa iddootti deebi'ee fayyaa guutuudhaan jira, wanti hundinuu akkuma nama idilee tokkootti noormaalii ta'eefii jira. Kun ayyaanni Waaqayyoo qofaadha, Inni nuuf hammam gaarii akka ta'e nutti agarsiisa.

3 Amma har'a— waa'ee walga'ii nuti karoorfannee turree beeksisuu barbaadeen ture—torban dhufu obboleessa keenya Jooseef Boozee wajjin gara Afrikaa kana, gara Keeniyaa fi Tanganyikaa deemuuf karoorfadheen ture. Telegiraamii dhaan (bilbila durii ti) Obboleessa keenya Boozee wajjin wal quunnamuu hin dandeenye. "Torban darbe misiyoononni keenyaa sadii qalamaniiru—ajjeefamaniiru." Ammas achitti fincila kaasaa jiru, komunistoonnis qawwee namoota dhalootaan biyyattii keessa jiranitti siqsaa jiru; bidiruu qurxummii naannoo sanatti argine jedhanii himatu, Chaayinaa Diimaa fi Raashiyaan immoo namoota dhaloottoota achiitiif qawwee geessuu isaanii himatu; isaan immmoo itti fayyadama isaa waan hin beekneef waanuma argan hundatti dhukaasuuf itti fayyadamu. Kanaaf mootummaan isaanii yeroo kanatti walga'ii geggeessuun gaarii hin ta'u jedhee yaade. Akkasumas akkan hubadhetti, Obboleessi keenya Boozeenis naannoon yeroo kanatti deemaa ture kana keessatti manni barumsaa isaa banaa ta'uu illee akka hin dandeenyedha. Garuu hin haqamne, hanga jarri deebi'anii tasgabbaa'uu danda'anitti yeroo biraatti darbarsine malee.

4 Obboleessa keenya Jaaksan—Obboleessa keenya Siidnii Jaaksan fi haadha manaa isaa Afrikaa Kibbaa irraa kan dhuftana, waggoota dheeraadhaan booda ganama kana deebi'ee gidduu keenyatti isin arguu kootti baay'een gammada. Inni haasaa godheeraa? Namoonni kunis obboloota koo dhugaa, obboleettii koo dhugaa, fi namoota imala koo Afrikaa Kibbaa isa dhumaa irratti anaa wajjin duula geggeessanidha, gaaf tokko immoo ayyaana Waaqayyootiin deebi'ee isaanii wajjin akkan hojjedhu nan amana; barbaachisaadhas ta'eef. Waggoota saglan darbaniif achitti deebi'uuf yaalaan ture, garuu dhiibbaa dhaabbilee amantii fi kkf irraa kan ka'e deebi'anii naaf hin hayyaman.

Kanaafis dhiheenya kana, “Egaa dhiigni lubbuuwwan badan sanaa ana irraa osoo hin taane mataa keessan irraa haa barbaadamu” jedheen xalayaa isaaniif barreesse. Sababni isaas Waaqayyo achitti yeroo dabalataatiin tajaajila kootiin namoota sana fayyaduu akka barbaadu nan amana. Garaagarummaa amantii isaan gidduu jiruu irraa kan ka'e akkan achitti deebi'u naaf hin hayyaman. Garuu homaa miti, Gooftaan isaan gaafachuuf jira.

5 Amma, wanti an ganama kana jechuu barbaadu, yoo fedha Gooftaa ta'e ... Obboleessi keenya Neevil halkan har'aa tajaajila akka qabaannuuf na gaafateera —godoo qulqullaa'aa keessatti, kanaaf akka hirmaattaniif affeeramtaniittu. Achiis Dilbata dhufu, yoo fedha Gooftaa ta'e an asuma jiraachuufan jira, sana booda tarii Dilbata lama ykn sadii itti aananiifis asuma jiraachuun koo hin oolu, sababa kun hafeef—sababa walga'iin karoorsaa turre sun haqameef.

6 Amma, nutis akkas jechuu barbaanna—tarii yeroo kanatti MalakataTorban ni lallabna jedheen yaade. Guddina gamoo sanaa ga'aa hanga hin ta'inii fi to'attuun qilleensaa bakka hin jirretti akkamitti kana gochuu dandeenya jennee yaadne (kutaa keessa qilleensi hin jiru; to'attuun qilleensaa ammallee hin sirreeffamne). Akkasumas mana barumsaa as kanaa ol jiru kan qabbaneessituu qilleensaa qabu, kan baay'inni teessoo isaa—oo, baay'ina isaa hin beeku, kireeffachuuf yaalle; bakka ga'aa fi teessuma gaarii kan qabudha, mana barumsaa baayyee gaarii dha, garuu homaa argachuu hin dandeenye. Akkasumas ni ta'a—torban dhufu nuuf kennu turan, torban dhufu garuu.... Ilaalaa, jilli kutaalee addunyaa adda addaa irraa dhufan jiru: Jaamaayikaa irraa, Odolawwan irraa, akkasumas Kibba irraa ... gara Ameerikaa Kibbaatti , Kanaadaatti, Meksikootti, akkasumas gara biyyoota hundaatti illee; akkasumas beeksisa sana Wiixata erginee, sana booda hanga gara Roobii ykn Kamisaatti isa hin argatan, achiis, yeroo boqonnaa fi kkf gaafachuu qabu, kunis yeroo keenyaa wajjin kan wal hin simne taasisa. Torban itti aanan hanga yeroon barnootaa ga'utti banaadha; halkan tokko fudhachuu qabdu, achiis tarii halkan tokko ykn lamaaf immoo dhaabuu qabdu, achiis ammas itti fufuu qabdu, sana booda.... Nuti akkas gochuu hin dandeenye; kana gochuun isiniif hin danda'u.

7 Osoon garaa koo irraa kadhachaa jiruu, maaliif jedheen yaade. Achiis, yeroon nuti ammas gara Arizoonaatti deebi'uuf jennu, yeroon ijoolleen mana barumsaatti deebi'an ga'eera, sana booda nuti.... Haadha warraa koo wajjin haasa'aa turree....

Kaleessa gara kutaa kadhataa seenee, “Gooftaa, ani jechoota baay'ee fayyadamuu dhiisuu danda'a, garuu maaloo yaa Waaqayyo , garaa koo keessatti maal jechuu akkan barbaade hubadhu. Rakkoon wanti hundinuu malakata sana lallabuu irraa na ittisu maali?”nan jedhe. Sana boodas Inni dhufee isa natti mul'ise.

Amma ganama kana immoo sababa maaliif akka ta'e isinitti dubbachuun barbaada.

Ammas nuti, warri Macaafa Qulqulluu qabnu Macaafa Qulqulluu keenya akka banannu nan barbaada—jalqaba gara Lewwootaa dhaqana, Lewwoota boqonnaa 23ffaa baafadhaa.

Yoo Gooftaan fedha qabaate, galgala kana mata duree “Kaampii Bira Darbanii Deemuu” jedhu irratti lallabuufan jira, innis gabaabaa ta'a; kanaafis hojiidhaaf bakka dhuftanitti deebi'uuf yeroo ga'aa qabaachuu dandeessu.

8 Keessummoota, namoota magaalaadhaa alaa dhufan arguu keenyatti guddaa in gammadna. Namoonni magaalaadhaa ala taatan meeqatu as jira, osoo ilaalaa jirruu? Dhibbeentaa sagaltamii shan, eeyyee, waldaa keessaa dhibbeentaa sagaltamii saddeet ni ta'u. Kanaafuu argitanii, warra Jeffersonville miti; namoota gara Jeffersonville dhufanidha. Nuyi ayyaana Gooftaatiin as jirra.

Ammas, ganama kana bakka sadii dubbisuu barbaada. Isaan keessaa tokko Lewwoota boqonnaa 23ffaa keessatti argama, inni kaan immoo Isaayaas 18, fi Isaayaas 27 ( warra yaadannoo abachaa jirtaniif) keessatti argama.

Ammas lallabuu mannaa—yoo fedha Gooftaa ta'e, halkan kana nan lallaba; garuu ganama kana “Ayyaana MalakataTorbaa” irratti barsiisuun barbaada. Jiini kun yeroo ayyaana malakanni torban itti hafuufamuu ti, jalqaba ... innis ji'a torbaffaatti kan ta'u ... seera Lewwootaa kessatti Adoolessa 15ffaa irraa jalqabee ayyaana malakataa ture.

9 Amma, waraqaawwan keessanii fi wantoota keessan biroo yoo qabaattan, akkasumas macaafa qulqulluu, barreeffamootaa fi kkf barreeffachuu yoo barbaaddan wal faana akka deemnuuf.... Walga'ii kana keessatti waan tokkotu jira; innis ho'aa dha, nutis waggoota darban keessatti sana itti barreerra. Garuu namni tokko tarii yeroo gamoo kana keessa seennu yeroo akka dhaabnu, tarii gartokkoon-hanga tokko gara bara baraatti waan ceene, isan akka malee saba tursuuf tarii tarii akkkasitti yaaduu danda'a ta'a. Akkas ta'a jechuu koo miti, garuu dhufaatii Yesusitti akka malee dhi'aachaa waan jirruuf, bakka namoonni walitti qabamana hundumaatti tokkoon tokkoon daqiiqaan argadhe hundumaatti fayyadamuu akkan qabu nan amana.

Akkasumas yeroo muraasa dura konkolaataa kootiin karaa irra deemaa osoon jiruu (akkuma lubni

garaa qulqulluun dhugaa kamiyyuu godhu, waltajjiitti ba'uu koo dura kadhannaa xiqqoodhaaf ba'uun qaban ture), "Ni beektu, yeroo asitti walitti qabamnutti yeroo hunda caalaa ulfina qabeessa ta'e dabarsaa jirra, garuu—namoonni naannoolee hedduu irraa walitti qabaman amma as keessa taa'anii jiru, fagoo irraa, maayilii dhibbaa fi dhibbaatamaan lakkaa'aman irraa dhufanii as jiru. Akkasumas Dubbicha irraa hirmaachuuf walitti qabamna, garuu kun yaadannoo gammachiisaa qofa ta'ee yeroon inni itti yaadatamu dhiyootti ni dhufa" jedheen yaadaa ture. Sirriidha. Yeroon kun nurraa fudhatamuuuf jira. Kanaafuu , waan beeknu hunda gochuu qabna, tokkoon tokkoon daqiiqaa lakkaa'amuu keessatti hojjechuu qabna. Ammas waa'ee kanaa yaadaa mee, waa'ee isa ho'a ganama kanaa keessatti rakkachaa jirruu. Akkasumas ni beektu, qaamni namaa hundi mataan isaa daayinamoo ho'aa ti, akkasumas baay'ee isinitti ulfaata... garuu Sagalicha akka argattan nan barbaada. Mee amma osoo hin dubbisin dura haa kadhannu.

10 Yaa Gooftaa, irra caalaan nama as keessa jiruu, namni harka isaa sochoosuu danda'u kamiyyuu fuula Macaafa Qulqulluu garagalchuu danda'a. Garuu ganama kana kan Isa banuu danda'u tokko qofatu nu gidduu jira; innis Hafuura Qulqulluu guddicha Isa nu gidduu jirudha. Yaa Gooftaa, Dubbii Sagalichaa akka dubbifnuuf nuuf bani, akkuma bartoota Keetiif yeroo isaan karaa Emaahus irra deemanitti gooteef nuufis godhi , isaan Caaffata Qulqullaa'oo namootaaf ibsuu jalqaban. Nutis yeroo asii baanee deemnutti akkuma warra Emaahus irraa gara Yerusaalemitti deebi'aa turanii, "Yeroo inni karaatti nutti dubbachaa, macaafa keessatti kan caafames nuu ibsaa dhufe garaan keenya in raafame, mitii ree?" waliin haa jennu. Maqaa Yesusiin Si kadhannaa. Ameen.

Ulfina Dubbii Waaqayyootiif ol kanee haa dhaabbannu.

11 Amma, mata dureen koo ganama kana Ayyaana Malakataa ti. Ani amma Seera Lewwootaa boqonnaa 23ffaa lakkoofsa 23ffaa irraa dubbisuun barbaada.

Waaqayyo itti fufee Museedhaan,

"Ati namoota Israa'elitti dubbadhu, isaaniin, 'Waaqayyo akkana jedha:- Ji'a torbaffaatti, ji'ichattiis guyyaa duraa Sanbata godhadhaa! Innis guyyaa seenaa malakanni afuufamee walga'iin qulqullaa'aan waamame haa ta'u!' jedhe."

Amma, Macaafa Isaayaas raajichaa boqonnaa 18ffaa lakkoofsa 1ffaa hanga 3ffaa haa dubbifnu (kun lamaan isaa wal in qabsiisa):

Biyya sagaleen markabaa itti baay'atu, isa lagoota Kuush gama jiruuf wayyoo!

Biyyichi ergamoota isaa galaana irra, bidiruu dhallaadduu irraa hojjetameenis bishaan Abbayyaa irra in erga; isin ergamoonni ariifattanii adeemtan, gara saba dhedheeroo fi cuccululuqoo, gara saba fagootti, dhi'oottis sodaatamanii, gara saba aangoo isaatiin mo'uu, gara warra biyyi isaanii lagootaan gargar hiramee dhaqaa!

Isin warri lafa irra jiraattan, biyyi lafaas hundinuu, faajjiin gaarota irra yommuu dhaabamu in argitu, fiinoon yommuu afuufamus in dhageessu.

Akkasumas Isaayaas 27:12 fi 13:

Yeroo sanatti Israa'eloota warra galaana Efraaxiisii kaasee hamma daarii laga Abbayyaatti jiran Waaqayyo akka nama midhaan rukutee ija isaa keessaa harcaasuutti tokko tokkoon funaanee walitti in qaba;

yommus fiinoo guddaan in afuufama, warri biyya Asoritti badanii fi warri biyya Gibxiitti oofaman gara biyya isaaniitti deebi'anii Yerusaalem keessatti tulluu Waaqayyoo isa qulqullaa'aa irratti isaaf in sagadu.

Ammas Irra deebinee haa kadhannu.

12 Yaa Gooftaa, dubbiiwwan kana garaa keenyatti nuuf eebbisi. Yaadni keenya fi xiinxalli keenya akka ajaja keetii Maqaa Yesusiin haa ta'u . Ameen. Taa'uu ni dandeessu.

13 Paastariin tokko waldaa isaatti, warra jaallatutti, namoota adda addaa bakka adda addaa irraa dhufanitti, wanti inni himuu barbaadu garuu kan yeroo hin hayyamneef baay'eedha.

Amma mata duree kanatti yeroo dhi'aannu bilisummaan akka isinitti dhaga'amu barbaanna. Baay'een keessan immoo dhaabbattanii jirtu, yeroon achi darbetti galmawwan guutuu guuttuu turan, balbaloonni durri ,alli, fuuldurri, naannoo gamoo sanaa fi naannoo mooraan keessi hunduu namootaan guutamanii turan. Kanaafuu amma, yoo kaatanii teessuma waliif kennuu barbaaddan, sun gaarii ta'a.

14 Ammi ayyaana malakata hafuufuu ti. Amma, ayyaanni malakataa kun walga'ii Israa'el isa isaan ittiin walitti qabaman ture. Amma, mata duree malakata torban macaafa Mul'ata keessatti argamanii irratti akkan dubbadhuuf yeroo muraasaaf eegaan ture. Ammas, yeroo muraas booda kana gamaaggamuuf jirra,

sababa dhugaa yeroo kanatti dubbachuu dhabuu kootiis as baasuufan jira; sababni isaas hafuurri qulqulluun yeroo kanatti wantoota kana irratti akkan dubbadhu naaf hin hayyamne. Sun tarii namoota barumsaa fi hubannoo guddaa qabanitti gowwummaa guddaa akka fakkaatu nan beeka, garuu warra Kiristaanaaf yaada addaati. Nuyi geggeessummaa hafuuraa hordofna, sana qofa goona.

15 Amma, lallaba bara waldaa torbanii irratti hubannoo kennuu jalqabeera, kunis fakkeenya, yookaan raaga waan hundumaa Waaqayyo waldootaa fi karaa waldootaa gochchuuf jiru, akkasumas iddoo iddoo isaanii kaa'uuf turedha. Boqonnaawwan sadan jalqabaa macaafa Mul'ataa wantoota waldaa irratti raawwataman hundumaa mul'isu. Sana booda boqonnaa 3ffaa irraa kaasee hanga boqonnaa 19ffaa macaafa Mul'ataatti waa'een waldaa hin mul'atu. Waldaan Mul'ata boqonnaa 4ffaa irratti ol baatee Mul'ata boqonnaa 19ffaa irratti deebitee buute, misirroon fi dhirsi misirroon walii wajjin gara lafaatti gadi dhufu. Achiis, boqonnaa 19ffaa irraa kaasee hanga xumura boqonnaa 22ffaatti, hunduu waggaa kumaa fi waggoota itti aanan keessatti maaltu akka ta'u irratti kan fuuleffattedha. Yeroo boqonnaa 4ffaa hanga boqonnaa 19ffaa keessatti Waaqayyo Israa'el wajjin hojjechaa jira.

16 Egaa macaafa Mul'ata waldaa (Waldoota torban yeroo daa'imummaa isaaniitti ykn yeroo gaaddidduu ta'anii biyya Asiyaa Xiqqoo keessa turanii irratti waan Waaqayyo godhe) yommuu xumurru, hafuurri qulqulluun dhoksaa achi keessa jiru hundumaa banee akkamitti Waldaa Isaa seenaa keessa dabarsee akka fide nutti agarsiise. Egaa bara waldaa torbanii teeppii waraabame warri hin qabne, osoo argattanii dhaggeeffattanii gaarii ta'a; yeroo dhiyootti immoo bifa kitaabaatiin ni argattu.

Sana booda akkasitti dhiisnee yeroo muraasa booda Mallatowwan irratti lallabna jennee tilmaamna, Mallatowaan sun maal akka ta'an hin beeknu waan ta'eef. Akkuma tajaajilaan hunduu yaada mataa isaa qabu anis yaada mataa kootii nana qaba, tarii waan namoonni kaan dubbatan dubbisuudhaan hamma danda'ametti wantoota isaan kaasanii turan irratti isaan waliin kan irratti walii galuun danda'amu, yaada cuunfaa isaanii tarii amanuun danda'a. Kitaaba Obbo Ismiiz, Uriyaa Ismiiz, kan barsiisaa Adveentistii ta'e dubbisee, yaada inni kana irratti qabu dubbisaan ture. Akkasumas kitaaba Obbo Laarkin dubbisaan ture, oo, yaada addaa addaa kan namoonni baay'een kana irratti kennan hedduu isaanii dubbisaan ture. Garuu, hamma tokko adda kan ta'e yookaan kan biraa, ofii kootii ilaalcha xiqqoo adda ta'uu danda'u qaba jedheen yaade. Garuu yeroo tokko barsiisuuf yaaleen ture, mata duree sadii qofa dubbachuudhaan, isa jalqabaa—ykn mata duree afran waa'ee warra farda irra taa'an afranii, halkan afuriif, halkan tokko farda tokko irratti, halkan itti aanu immoo farda lammataa irratti lallabee....

17 Garuu sana booda, sun osoo hin ta'iin dura, mul'anni naaf kennamee (innis akkuma hundi keessan beektan teeppii, "Obboo, Yeroon Meeqa?" jedhu irratti argama) akkan gara Tucson, Arizona dhaqu natti dubbatame, gara dugda duuba gammoojjii ( gara gaara sanaatti ol nan ba'e, iddoo sana obboloota tokko tokkoo wajjin turre), akkasumas waa'ee dho'iinsi guddaan akkamii akka dho'u dubbate; ergamoonni torbas gadi bu'an. Anis kun dhuma jireenya kooti jedhee yaadeen, haati manaa koo Biilii wajjin akka wal qunnamtu ijoollees maal gochuu akka qabduu fi kkf itti himeen, hanga gubbaatti deebinee wal arginutti nagaa isheetti dhaame.

18 Gaaf tokko gara Sabino Kanyoonitti gana bariidhaan Waaqayyo ol na waamee, utuun harka koo ol kaasee kadhachaa jiruu, billaan harka koo keessa kaa'ame. Isa kana ni beektu. Anis achi dhaabadheenan ilaale, akkuma harki koo amma jiru kanatti waan qabatamaa ture. Amma maal jechuu akka ta'e nan beeke, sagalee "Kun billaa Mootichaati" jedhu natti dubbatee achumaan na dhiisee deeme. Achiis, boodarra yeroo Ergamaan Gooftaa isa mul'isutti, Dubbii Waaqayyootu harka koo keessa jirra ture.

Sana booda battaluma sanatti ergamoonni Gooftaa mul'atanii waa'ee malakata torbanii—ykn waa'ee mallattowwan torban sanaa natti himan; anis asitti deebi'ee, gara Jeefarsanviileetti deebi'ee mallattowwan torban lallabuufan ture. Achittis yoo wanti an takkaa kaka'umsa argadhee dubbadhee beeku jiraate, inni sana keess ture. Achittis iddoo Ergamaan Gooftaa nu qunnametti.... Macaafni Qulqulluun Macaafa Qulqulluu haaraa ta'a. Achitti banamee waan haaromsitoonni fi isaan kaan dhiisan hunda mul'ise. Innis mul'ata Yesus Kiristoos guutuu ture, guutumaan guutuutti haaraa nutti ta'a, garuu guutummaatti, sirriitti Caaffata Qulqullaa'oo wajjin kan wal simudha. Inni Dubbii Waaqayyoo isuma yeroo hundumaa ture sanadha. Anis kaka'umsa Hafuura Qulqulluu akka maleetiin qajeelfameen ture.

19 Ergasii, kutaa kana keessatti waa'ee malakata torbanii kana yeroon lallabuuf dhufutti, "Ba'eessa, homaa waan tokko iyyuu yaaduuf hin yaalu, hamma yeroon isaa ga'utti, hamma akka Inni natti mul'isu cal'iseen eega" jedheen yaadaa ture. Achiis kaleessa yeroon—yeroon gara kutaa kootii seenetti kun maaliif ta'a jedheen of gaafadhe ( dhiifaman naaf godhaa, kaleessa utuu hin taane dheengadda; yeroon kutaa kootti ol seenutti gaaffii sanaaf deebii argadhe); achitti ture Hafuurri Qulqulluun kana kan bane natti agrisiise,Innis yeroo kanatti inni waldaadhaaf bu'aa akka hin qabnee natti argisiise, sababni isaas, inni tasumaa waldaa wajjin waan wal qabatu waan hin qabneef.

20 Amma dhoksaawwan waa'ee Kiristoos dhokfamanii turan mallattowwan torban keessatti guutummaatti bakkeetti baafamanii mul'ataniiru. Inni jalqaba bara waldaa torbanii mul'ise, baroota banee iddoo iddoo isaanii kaa'e, seenaa fi Macaafa Qulqulluu wal bira qabee, akkamitti akka isaan turan bakka

bakka isaanii kaa'e. Nutis bara waldaa isa dhumaa keessatti of argina, barri kun bara waldaa Laa'odiqiyaa ta'uu isaatiin bara waldaa hundumaa caalaa manca'aadha, jalqabuma irraa kaasee illee, ... barri waldaa Efesoon bara waldaa guddaa ture.

Achiis akkataa itti Hafuurri Qulqulluun mul'ata naaf kennee fi waan ta'uuf jiru arguu kootiin, waggaa lama dura gabatee gurraacha irratti kaaseera (kunoo asii olitti fakkiin kaafame sun jira), innis akkamitti akka ifni lafa irraa baduuu yommuu ta'u, innis sirriitti akkaataa ifni akka Wangeelaatti gara lafaa dhufu , akkasumas akkamitti akka inni gara keessaa fi gara alaatiin badu kan agarsiisuudha. Yeroo sanatti sun maal jechuu akka ta'ee fi akkamitti akka ta'uuf jiru beekuu hin dandeenye, garuu addunyaan guddichi ekuumeenikii (ecumenical) warra Roomaa wajjin walga'ii qaba ture. Haadha jaarmiyaa hundaa kan taate Roomaanis.... Phaaphaasichi, seenaa keessatti yeroo jalqabaatiif Vaatikaaniin gadhiisee gara Yerusaalem fi iddoo hedduu dhaqe. Amma, Yerusaalem bara duriitti teessoo amantii hundaa turte—Yerusaalem teessoo amantii hundaati. Akkasumas teessoo durii kana keessatti phaaphaasiin Roomaa, inni yeroo hundumaa diina waldaa isa guddaa ta'e, Roomaa irraa daawwannaadhaaf gara biraa deemuuf ba'a —ykn Roomaa irraa gara Filisxeema, Yerusaalem dhaqe.

21 Akkuma arginu immoo ofii kootii nama hin baranne ta'uu koo irraan kan ka'e jechootaa fi akkaataa itti dubbatan waanan hin beekneef, yeroo hundumaa fakkeenyaa fi akkaataa uumamaatiin (patterns of nuture) barsiiseera. Uumamni uumama hordofa; uumamni kan Waaqayyooti.

Yommuu yeroo argattanitti.... Yeroo loon dirree keessa jiran hundinuu golee dirree irratti walitti qabamanitti, qabduu qurxummii keessani bishaanitti darbadhaa; qurxummiin isa hin ciniinu; yeroo akkasitti yoomiyyuu isaan qabuu hin dandeessan, ilaalaa. Loon boqonnaa irra jiru (yoo akka tasaa iddoo ciisicha isaanii irraa kaaftan malee). Garuu yeroo loon gara dheedichaa deemanitti, ilaalladhaa! Yeroo loon akkas godhanitti simbirroonnis gara mukkeeniitti kaatu; yeroo isaan nyaata dhiisan, ilaalaa. Haala uumamaatu akkasi ; wanti hunduu walitti maxxanee deema. Kanniisonni yeroo sanatti damma isaanii soorachuu irratti akka bobba'an malee walitti qabaa akka hin jirre hubattu. Uumamni hundi wal faana hojjetu.

22 Akkasumas, akkuma isa muka tokko baala of irraa harcaafatuu ti, yeroo muraasa booda, ji'oota lamaan dhufan keessatti, baalli mukkeenii ni harca'a; jireenyi (life)fi sooranni dhangala'aan gara hidda mukichaatti gadi bu'a. Baalli mukaa inni lafa irratti harca'e immoo ni tortora. Akkasumas kaalsiyeemii fi pootaashiin baala mukaa keessa ture lafa keessatti ni tortora, achiis maaltu ta'a? Jireenyi duraan ture itti fufa, inni sirriitti deebisee of xuuxa, baala sanas deebisee in biqilcha. Egaa inni du'uu, awwaalamuu fi du'aa ka'uudha.

23 Uumamni hundis.... Ji'i immoo haadha manaa aduu ti; ifni ishee xiqqaadha. Achiis akkasuma immoo, yeroo aduun dhiitu, bakka aduun hin jirretti, ji'i ifa gara lafaatti calaqqisiifti, kunis fakkeenya waldaa ti. Yeroo Phaaphaasichi diina waldaa durii ishee taate dhiisee gara Yerusaalem ishee teessoo waldaa kiristaanaa teete (kan Yerusaalem haaraa fi kan Yerusaalem durii)dhufetti, ni yaadanna, osoo inni kana hin godhin dura, jiini guutummaatti dukkanooftee turte.

24 Gaazexaa guutuu biyyattii keessa jiran irrattus akkuma gabatee irratti kaafnee qabnuu kanatti, ji'i sun akkamitti ifa irraa gara dukkanaatti akka jijjiiramte agarsiisiisaniiru. Akkasumas taateewwan isaa hundi, ji'i sun akkaataadhuma Hafuurri Qulqulluun waggaa lama dura asitti akkan kaasu na godhe sanatti samii irratti kaafamee mul'atee, haguuggii sana agarsiise! Yeroo inni suuraa ja'a kaasee deeme, an isa torbaffaa kaaseen achi kaa'e, sababiin isaas barri waldaa torbaffaa gaaddidduu ifa qofa, deemsa.... Sun bakka itti Yesus balbala dura dhaabatee rurrukutudha. Garuu inni gara guutummaatti dukkanaa'uutti seena.

25 Maal calaqqeen akkasii, maal ergaan Waaqayyo ofii isaatii biraa dhufee dhugummaa wantoota kanaa ibsu akkasii! Jalqaba Dubbii Isaa keessatti, achiis Hafuuraan waltajjii irratti dhugaa ba'e, achiis waaqa irratti labse.

Dogoggorri waa'ee isaa tasumaa hin jiru. Mallattowwanii fi baroonni sun guutummaatti, guutumaan guutuutti tarree galaniiru, Waaqayyo mallattoo fi dinqii uumamaa ol ta'een dhugaa ba'aa jira, Dubbiin Waaqayyoo fi seenaan hunduu wal bira qabamee bara amma keessa jiraannu keessatti ibsamee jira.

Amma, waldoonni kana arguun rakkisaadha; waldaa amantootaaf (denomination) kana arguun rakkisaadha. Isaan Yeroo hunda akka waan ati ummatatti dheekkamuuf yaaltutti yaaduuf yaalu. Ati isaanitti dheekkamta miti, saba akeekkachiisuuf yaalaa jirta malee. Isaanitti hamaa ta'uuf yaalaa jirta osoo hin taane, hammeenya irraa isaan baasuuf yaalaa jirta. Jaarmiyaalee keessa jiraachuu namootaa osoo hin taane sirna isaan keessa jirantu abaarsa isaanitti ta'a.

Namoonni amanamoon, garaa qulqulluu ta'an namoota Kaatolikii, Pirootestaantii, Yihudootaa fi kanneen hafanidha. Dhala namaati, kan....

26 Moloksewwan dubartoota hamoo ta'uuf miti gadaamii seenan, dubartoota gaarii ta'uuf achi seenu malee. Isaan Waaqayyootti dhihaachuuf yaalaa jiru, garuu kan isaan faalu sirna achi keessa jirudha.

Namoonni waldaa kan dhaqan nama hamaa ta'uuf miti, nama gaarii ta'uuf dhaqu malee. Garuu Sagalee fi seera bu'uuraa Waaqayyo guyyaa kanaaf kaa'e irraa kan isaan harkisu sirna waldaati; kan isa keessaa isaan baasus kanuma.

27 Amma yaadadhaa Waaqayyo Sagalee dha. Inni tokkoon tokkoon baraatiifis Sagalee tokkoon tokkoon baroota lafa irra jiraniif ta'u ramadeera. Inni bara waldaa keessatti isa ramadeera, mallattowwan torbanis cittuun tokko illee osoo hin hafin isa mul'ise, ilaalaa.

Maaliif achi ture— maaliif dhoksaan ammallee dhokatee achi keessa ture? Mul'ata 10 keessatti, dhuma ergaa ergamaa torbaffaa irratti dhoksaawwaan dhokfaman kun akka ifatti baafamanii mul'ifaman argina, kanas mul'ata 10:1 hanga 7 irratti arganna. Hubadhaa, sababni isaa bara kanatti raajiin waan hin jirreefi. Macaafni Qulqulluun Waaqayyo hanga raajota isaatti, hojjettoota isaa warra ta'an raajota isaatti mul'isutti homaa tokkko iyyuu hin godhu jedhee dubbata. Dubbiin Gooftaa bara hundumaas yeroo hundumaa gara raajotaatti dhufe malee gonkumaa gara sirna tokkoo hin dhufne, gomkumaas gara garee tokkoo hin dhufne.

28 Waaqayyo gonkumaa garee tokkotti fayyadamee hin beeku. Yeroo gareen namootaa kamiyyuu gurmaa'an hundumaatti Waaqayyo isaan dhiisee deeme,isaanitti deebi'ees hin beeku. Seenaa sakatta'aatii sun sirrii ta'uu fi dhiisuu isaa ilaalaa. Isa kana duraanuu qorannee ilaalleerra. Sirna ykn gareen tokko erga isaan gurmaa'anii booda Inni gonkumaa isaanii wajjin hin hojjetu; sirni (system) faallaa Waaqayyooti.

Kanaafuu, bara haaromsaa akkuma mallatowwan torban keessatti akka ta'e mirkaneessetti haaromsitoonni ni dhufan. Garuu bara dhumaa ammaa kanattis deebi'ee mul'achuu qaba ture; sababni isaas Caaffata Qulqullaa'oo Miilkiyaas 4 keessatti arganna, innis dibanni akka gadi bu'uu fi amantii jalqabaa sana deebisee akka dhaabu, akkasumas amantii namootaa gara Pheenxeqoosxee isa jalqabaatti, gara amantii abbootiitti akka deebisu dha.

29 Nuti adeemsa Eliyaas isa jalqabaa fudhanne; isa hordofee immoo Elsaa'iin fudhanne. Sana booda Yohaannis cuuphaa isa Eliyaas guyyaa sanaa ta'ee fi guyyaa kanaaf immoo abdii kan biraa ta'e fudhanne. Amma, Yohaannis cuuphaan Eliyaas Miilkiyaas 4 osoo hin taane, Eliyaas Miilkiyaas 3 ture; Yesus akkas jedheera: “Kunoo, ani ergamaa koo isa karaa anaaf qopheessu of dura nan erga.” Inni akkas ta'uu isaa arganna.

Amma, kana gochuudhaan, ejjennoowwan sana argachuudhaan, Caaffanni Qulqullaa'oon hunduu bara dhumaa keessa jiraachuu keenya kaka'umsa hafuura Waaqayyootiin akka mnutii mul'isu in beekna.

30 Amma, ergaa Pheenxeqosxee qabadhee yoon dhufe, bara waldaa La'odiqeyaa keessan jira, innis immoo sirrii hin ta'u. Sababni Weesliin ergaa Luuter fudhachuu hin dandeenyeef kanaafi. Luuter bara tokko keessa ture-bara waldaa tokko keessa ture, Weesliin immoo bara waldaa kan biraa keessa ture. Osoo Yesus ergaa Musee qabatee dhufeera ta'ee, silaa sun hin hojjetu ture. Osoo Museen ergaa Nohi qabatee dhufeera ta'ee, sun silaa hin hojjetu ture.

Waaqayyo garuu saba isaa bara hundumaaf caaffata qulqulluu ramadeera; akkasumas barri sun osoo itti hin seenin dura, yerichi osoo hin seenin dura, waldoonni akka malee wal keessa makamuu irraan kan ka'e eessa akka jiran hin beekan.

31 Sababiin isaan Yesuus ilma Waaqayyoo ta'uu beekuu dadhabaniifis kanaafi. Duudhaan isaanii ija isaanii jaamsee ture, garuu Inni sirriitti Caaffata Qulqullaa'oo wajjin ture.

Raajonnis kanuma turan. Yesus, “Isin keessaa kamtu—abbootiin keessan raajota gara keessaniitti ergaman dhagaadhaan hin rukunnee?” isaaniin jedhe.

Sana booda Waaqayyo raajii isaa erge—raajichi immoo Dubbii Waaqayyoo isa jiraataa mul'ateedha.

Yesuus akkana jedhe, “Akkamitti 'Ani Ilma Waaqayyooti' jennaan na balaaleffattu, seeruma keessan keessatti .... Warra dubbiin isaa itti kennameen ( raajotaan) waaqayyoota jedhe, isaanis dhuguma waaqayyoota, wanti macaafni jedhus hin diigamu.” Innis, “Egaa yoos maaliif akkamiin Na balaaleffattu ree?” Yeroo Inni .... Isaan gartokkee qaama seeraa turan; isaan gartokkee qaama Dubbii Waaqayyoo turan; Yesus garuu guutummaa Sagalee Waaqayyoo ture, karoorri furii Isaa guutummaan, ga'aa ta'uun Waaqayyoo hundinuu Isa keessa ture.

32 Amma immoo, bara waldaa keessatti isaanis akkasuma godhaniiru; mallattowwan torban immoo iccitiiwwan yeroo sanatti hafan hunda kan mul'isuudha, sababiin isaas raajota utuu hin qabaatin waan turreef. Sagalichi immoo warra haaromsitootaaf hin dhufu—raajotaaf malee.

Waaqayyo kan hin jijjiiramnedha. Miilkiyaas 3 keessatti,“Ani Waaqayyo waanan ta'eef hin geeddaramu” jedheera. Karaan Waaqayyoo inni jalqabaa waanuma fedhe hojjechuuf, sun karaa Waaqayyo yeroo hundumaa waan kamiyyuu itti hojjetudha. Waaqayyo dhiiga nama qulqulluu

dhangala'een iddoo dhaabaa Eden keessatti nama akka fayyisu murteesse, ergasii murtee kana jijjiiree hin beeku, jijjiiruus hin danda'u. Barnootaan, gamoodhaan, sirnaan, waldaa amantiidhaan, naamusaan, fi karaa waan hundumaa yaalleerra, hundi isaas fashalaa'eera. Garuu bakki Waaqayyo nama waliin wal argu tokko qofa, innis dhiiga nama yakka hin qabnee dhangala'e jalatti dha. Dhiiga qofaani, sun immoo murtoo Isaa isa jalqabaa ture. Argitanii?

Nuyi murtoo tokko murteessuu dandeenya, bara dhufu immoo isa murteessine caalaatti yaada haaraa qabaachuu dandeenya. Waggaa dhufu yaada fooyya'aa argachuu dandeenya. Waaqayyo akkas gochuu hin danda'u; Inni daangaa hin qabu; murtoon isaa inni jalqabaa mudaa kan hin qabne dha, wanti isa sochoosu hin jiru. Ani isa duraa caalaatti baruu nan danda'a; nuti hir'ina qabna. Ani caalaatti barachuu nan danda'a, isinis caalaatti barachuu dandeessu; Waaqayyo garuu isa duraa caalaatti barachuu hin danda'u, Inni Jalqabuma irratti iyyuu mudaa kan hin qabnedha. Kanaafis murtoo Isaa inni jalqabaa, lubbuu keessan boqochiisuu dha. Wanti Macaafni Qulqulluun jedhus kanuma.

33 Waaqayyo gaaf tokko biyya lafaa kanatti ni farada, warri Kaatolikii immoo Inni waldaa Kaatolikiitiin farada jedhu. Yoo akkas ta'e waldaa Kaatolikii isa kamiin? Inni tokko isa kaan irraa adda. Yoo Pirootestaantiin faraduuf deemti ta'e waldaa Pirootestaantii ishee kamiin? Inni tokko isa kaan irraa adda. Xiqqoo waan nama burjaajessu ta'a; namni eessa akka dhaabbatu hin beeku. Yoo warri Meetodistii sirrii ta'an, warri Baaptistii ni badu. Yoo warra Pirootestaantiitu sirriidha ta'e, warri Kaatolikii badaniiru; yoo warra Kaatolikiitu sirriidha ta'e immoo warri Pirootestaantii badaniiru.

Garuu Macaafni Qulqulluu immoo Inni Yesus Kiristoosiin biyya lafaatti akka faradu dubbateera, Innis Sagaleedha mitii? Yoos egaa Inni Sagalichaan in farada.

Akkasumas waldoonni (denominations) hundinuu amantii (creed) isaanii isa gochuuf Sagalicha sana irraa bu'u. Isaan guutuu Dubbii Waaqayyoo eessa akka fudhatan namni hunduu akka naaf mirkaneessu qofan gaafadha. Isaan kana gochuu hin danda'an, sababni isaas inni sirna namtolcheetiin to'atama. Bakka nama argattanitti ... Waaqayyo yeroo tokkotti karaa nama tokkootiin malee hojjetee hin beeku. Inni yeroo tokkotti raajota lama illee qabaatee hin beeku—tokko qofa! Waaqayyo nama tokko harka isaa keessa galchuu danda'a. Inni jaarmiyaa keessan waliin hin hojjetu, isin waliin hojjeta malee.

34 Amma bu'uura kana irra dhaabannee gara ayyaana malakataatti, gara iccitii dhokataatti dhufna. Akkas akka ta'uuf jiru raajiin dubbatameera; kanaaf karaa jedhameen mul'achuun isarra ture. Garuu guyyaa dhumaa kana keessatti sirriitti waanan amma jedhe mul'isee raawwachuuf, Miilkiyaas boqonnaa 4ffaa, Luqaas boqonnaa 17ffaa lakkoofsa 30ffaa (akkamitti akka raawwatu), Ibroota 13:8, Ibroota 4:12, akkasumas caqasootni waan kana nutti himan baay'eetu jiru.

Amma, sun kaan keessanitti keessummaa yoo ta'e, Waaqayyo yeroo hundumaa, akkaataan Waaqayyo namoota gidduutti itti beekamu raajii ta'uudhaan akka ta'e isiniin nan jedha. Yihudoonni yeroo hundumaa raajota isaanii amanuudhaan beekamu turan. Innis, "Isin keessaa tokko yoo jiraate, ani Gooftaan abjuu hafuuraa fi mul'ataan isatti nan dubbadha. Wanti inni dubbatus yoo raawatame, egaa isa dhaga'aa" in jedha. Isaan yeroo hundumaa.... Akkasitti isaan Yesusiin adda baasanii baruu waan dadhabaniif waan biraa Isatti moggaasuunii turan. Sababii Inni waan yaada garaa isaanii keessa jiru adda baasuu danda'eef hafuura hamaa, Beelzebub Isa godhan. Yeroo hundumaa mallattoon Dubbichaa sana akka ta'e ni beekna.

35 Ibiroota boqonnaa 4ffaa, lakkoofsi 12ffaan Dubbiin Waaqayyoo billaa qara lama qabu caalaa qaramaa akka ta'ee fi yaada fi akeeka garaa namaa qoree akka faradu dubbata.

"Inni, Hafuurri Qulqulluun yommuu isin irra dhufu, wantootan isniin jedhe hundumaa isin in yaadachiisa, waan dhufuuf jirus isinitti in mul'isa."

" Bara durii Waaqayyo si'a baay'ee (Ibroota boqonnaa 1) karaa gara garaatiin, raajotaan abboota keenyatti dubbateera. Guyyoota bara isa dhumaa kanatti immoo ilma isaa Yesus Kristoosiin nutti dubbate." Waaqayyo tokkichi amma raajota irraa gara Ilmaatti jijjiirame. Kanuma qofa. Argitanii? Yeroo hundumaa ergichi tokko, akkaataa itti raawwatamus tokko.

36 Amma, waldoonni haala kana keessa akka turan ammas deebi'anii iddootti deebi'uu akka qaban raajiin dubbatameera. Milkiyaas 4 irratti immoo, raajii Eliyaas akka ergu, inni immoo namoota bakka isaan duraan turanitti akka deebisu dubbateera. Hubadhaa, battala ergaa isaa isa duras ta'e isa boodaa booda, biyyi lafaa ni gubatti, namoonni qajeelonni immoo daaraa ishee irra in adeemu.

Amma, ogeessota ti'ooloojii tokko tokkoon nan jedha ( addunyaa keessaa iddoo tokko teessanii,tarii teeppii irraa dhaggeeffachaa kan jirtan), sun Yohaannis ture jettanii yaaddu yoo ta'e, yaadadhaa, Caaffanni Qulqullaa'oon dogoggora ture jechuu dha; sababni isaas ergaa Yohaannis dhufee booda biyyi lafaa hin gubanne. Yesus dhufee namoota barkumee keessatti hin fudhanne, garuu erga hafuurri Eliyaas deebi'ee lafa irratti dhufee booda akka kana raawwatu waadaa galeera.

37 Amma hubadhaa, Miilkiyaas 4 keessatti, asitti kan arginu kun maal iddootti deebisuuf yaadame?

Amantii namootaa gara kan abbootii jalqabaatti deebisuufi, barsiisi (doctrine) Pheenxeqoosxee, amantii abbootii isa jalqabaati. Inni namoota gara abbootiitti ni deebisa.

Luqaas 17 keessatti ni arganna, Yesus bara dhumaa kana keessa yommuu dhufu ... Luqaas 17:33, Yesus "Akkuma bara Loox ture, yeroo dhufaatii Ilma namaatti, yommuu Ilmi namaa mul'atutti akkasuma in ta'a" jechuu Isaa arganna.

Amma hubadhaa, Inni maqaa ilmaa sadi'iin dhufa. Inni maqaa Ilma Daawit—ykn Ilma namaa, Ilma Waaqayyoo, Ilma Daawitiin dhufa.

38 Amma, Inni raajii waan ta'eef, akka ilma namaatti dhufuu qaba ture. Yihween, Ofii Isaatii raajotaan ilma namaa jedheera. Yesuus immoo gonkumaa Ilma Waaqayyoo jedhee of hin waamu, yeroo hundumaa Ilma namaa jedhee of waama ture.

Hubadhaas, Inni yeroo sanatti akka raajii, akka nama waan ta'uuf jiru arguutti (seer) of mul'ise. Inni, "Ani hojii abbaa koo hin hojjedhu yoon ta'e garuu hin amaninaa" jedhe. Inni ibsa Caaffata Qulqullaa'oo keessatti waa'ee Isaa dubbatame hundumaa, hamma du'a isaa, awwaalcha isaa, du'aa ka'uu isaa, fannifamuu isaa, dhaloota isaa, hundumaa wajjin wal quunnamee ture. Hojii isaa keessattis ibsa nama waan ta'uuf jiru arguu, Ilma namaa wajjin wal argee ture.

39 Amma, Inni bara waldaa keessaa mul'ateera(amma ilaalaa), Inni bara waldaa keessa akka Ilma Waaqayyootti mul'ateera. Waaqayyo Hafuura Isaatiin, Hafuura Qulqulluu ta'ee bara waldaa keessatti Ofii Isaa mul'ise, akka—waldaa keessatti, akka Hafuura Qulqulluu namoota gidduutti of mul'ise.

Bara waldaa Laa'odiiqeyaa keessatti, bara waldaa isa dhumaa keessatti, Inni waldaa keessaa akka baafame argina. Bara Laa'odiiqeyaa irraan kan hafe, bara kamittuu bakka biraatti waldaa keessaa hin baane. Sababni isaas isaan, "Nuti dureeyyiidha geessifaneerra waan taaneef homaa nu hin barbaachisu" waan jedhaniif.

"Ati kana immoo beektu, nama gadadamaa, nama namni boo'uufiin ta'u, hiyyeessa, qullaa, jaamaas akk taate hin beektu."

Inni bara waldaa keessaa baafame, achiis akka Luqaas 17tti, "Akkuma bara Sodoom ture, bara dhufaatii ilma namaattis akkasuma in ta'a" jedheera. Amma, Inni Seera Uumamaa isuma nuti dubbisnu sana dubbisaa ture. Sodoom keessatti waan raawwatame hubadhaa. Sodoom keessa maaltu ture? Abrahaam....

40 Yeroo hunda namoota gita sadiitu jira. Abrahaam, warra filatamee fi waamame, alaan immoo Sodoom matuma isheetu ture; Loox, miseensi waldaa ykn namni waldaa dachaa sana ture—inni kantiibaa magaalattii ta'uudhaan dhagna biyya lafaa sanaa ta'e—inni karra dura kaa'ame, inni abbaa murtii ture, kana jechuunis inni kantiibaa dha; Sodoomis ofii isheetii turteetti.

Amma, sa'aatii gara galgalaa ykn walakkeessa guyyaa, yeroo Abrahaam muka qilxuu isaa jala turetti, ergamoonni sadii isatti mul'atan. Isaan keessaa lama Sodoomitti gad bu'anii, wangeela lallaban, waamanii achi keessaa isaan baasuufis yaalanii turan. Isaan garuu ba'uu hin barbaanne turan; isaan karaa irraa jallatanii turan. Looxii fi haadha manaa isaa, akkasumas ijoollee durbaa isaa lamaan ba'uu jalqaban; haati manaa isaas utubaa soogiddaa taate.

41 Inni Abrahaam biratti hafee isaa wajjin haasa'e garuu, Abrahaam Elohim, Isa Hundumaa Danda'u jedhee Isa waame (Seera Uumamaa 1, Waaqayyo; "Waaqayyo jalqabatti," Elohim, Isa Hundumaan ga'aa, Isa Ofii Isaatii Jiraatu, Abrahaam Elohim jedhee isa waame) Innis taa'ee Abrahaam wajjin nyaate; Inni ni dhuges; Inni akka namaatti foon uffatee ture, Inni nama foonii ture. Mee milkkita Inni Abrahaamiif kennus ilaalaa.

Amma, ilma dhufuuf jiru, ilma abdachiifame, Yisihaaqiin barbaadaa turan. Waggaa digdamii shan, imala dheeraa irratti isa barbaadanii turan; garuu isaan deemsa xumuraa irra turan. Waaqayyo bifa baay'eedhaan mul'atee ture, akkuma bara waldaa fi akkuma ifaa fi kkfn mul'atee ture (akkuma Abrahaamitti dubbate), akkasumas bifa sagaleetiin mul'ateera . Garuu, ilmi dhufu sun osoo hin dhalatin dura (amma, kana ilaallee keessa darbineerra, kana isin biraan ga'uuf qofa akkan tuqaa jiru ni beektu, innis, Inni qaama Abrahaam fi Saaraa jijjiire, battaluma sanaa booda isaan ilmicha fudhachuu danda'an), hubadhaa, milikkinni dhumaa ilmi sun osoo hin dhalatin isaan argatan Yahweenbifa namaatiin isaanitti haasa'uu isaati. Inni Yahwee ta'uu isaa akkamitti beekan, sababiin isaas Inni, "Abrahaam (Abraam miti; guyyoota muraasa dura Waaqayyo maqaa isaa jijjiireera), haati manaa kee Saaraan eessa jirti?" jedhe. 'S-a-r-a-i' osoo hin taane, 'S-a-r-a-h,' ture. 'Sarah' jechuun giiftii jechuu dha.

Abrahaam immoo, "Isheen dunkaana si duubaan jiru keessa jirti" Isaan jedhe.

Innis akkana jedhe, "Ani (bamaqaa dhuunfaa ti)— bara eger yowaana deebi'ee gara keen an dhufa. (Guyyoota digdamii saddeettan itti aananitti Saaraa irratti wanti tokko ni ta'a.)"

Kanaaf Saaraan , dunkaana keessaa garaa ishee keessatti seeqxee, "Ergan dulloomee dadhabee, gooftaa koo bira ga'uu iyyuu nan hawwaa ree? Abbaan manaa koos lafa guureera mitii ree?" jette.

Ergamichi ykn namichis, "Saaraan maaliif garaa isheetti akkas jette?"—dukaana Isa duubaan jiru keessatti! "Isheen maaliif wantootni kun ta'uu hin danda'an jette?" Argitanii? Nama foon uffate nama akka raajii ture, ta'us garuu Inni Elohim ture, yaada garaa Saaraa keessa Isa duuba ture adda baase.

42 Yesuus immoo, "Akkuma bara Looxitti akkuma ta'e bara dhuma biyya lafaatti, yeroo ilma Waaqayyoo osoo hin ta'in ilmi namaa mul'atutti akkasuma in ta'a" jedhe.

Bara sana keessa isa hin qabanne. Walitti fufiinsa fufiinsa guutuu Caaffata Qulqullaa'oo sanaa argitanii? (Asitti isa keessa jiraanna.) Iccitiiwwan, cuuphaa maqaa Gooftaa Yesusiin godhamuu kan yaada warra 'Oneness'irraa fagoo jiruu fi wantoota biroo kanneen, akkamitti Hafuurri Qulqulluun sana gara keessaatti akka sochoosee fi akkamitti guutummaatti akka isa agarsiise; akkasumas cuuphaa dhugaa hafuura qulqulluu, milikkitaa fi waan hundumaa akkamitti walitti akka hidhe; akkasumas akkamitti haaromsitoota hundumaa, waan hundumaas sirritti (argitanii?) sirriitti ija keenya dura akka kaa'e. Akkasumas inni golee tokko keessa kan jiru miti; inni addunyaa irratti kan beekameedha. Yesus, Ilmi Waaqayyoo, Caaffata Qulqullaa'oodhaan of mul'isuundhaan Caaffata Qulqullaa'oo sana keessatti, nama duraan dursee Waaqayyo yaadaan qabe (akkuma guyyaa sanaa, fi guyyoota biroo hundumaa) jiraachise. Amanuun immoo ragaa Hafuura Qulqulluuti— qajeelummaadha!

43 Waldaa dhaquun qofti ragaa Hafuura Qulqulluu akka ta'e dubbachuu hin dandeessan. Yoo akkas gootu ta'e, Fariisonni iyyuu isa kana qabu turan, ilaalaa. Raafamuu ykn utaaluu akka ragaatti yoo fudhattan ... ykn yoo akkas gootan, warri Waaqayyoon hin beekne (heathens) iyyuu kennaa akkasii ni qabu. Afaan haaraa dubbachuu yoo jettanis, maal— warri seexana waaqeffatan afaan haaraatiin hin dubbatanii? Tokko natti himaa. Obboleessi keenya Jaaksan Afrikaaf bakka bu'ee as taa'ee jira—inni Afrikaa irraa waan dhufeef waa'ee kanaa isinitti himuu danda'a.

Kaampii Hindii as keessa seeneen ture, falfaltoonni fi warri tolchituun of murmuranii, dhiiga ofii dhangalaasanii, afaan haaraatiin utuu dubbatanii argeera; ogeessi isaanii (witch doctor) sunis afaan ni hiika; akkasumas qalama fudhatee afaan hin beekamneen yeroo barreessan argeera. Kanaaf sun ragaa miti. Garuu erga akkas ta'ee.... Ragaan dhugaa maali? Yesuus, "Ani Isa akkan ta'e amanaa" jedhe. Innis Sagalicha.

44 Isaan maaliif isa hin arganne? Yihudoonni maaliif isa hin arganne? Isaan namoota qajeeloo turan; isaan namoota gaarii turan; isaan namoota qulqulloota turan, namoonni gosa hundumaas jiru turan. Garuu Dubbicha dhaga'uuf eenyutu duraan dursee murtaa'e.... Dubbicha ta'uu fi dhiisuu isaas akkamitti beektu? Tokkoon tokkoon isaanii akkas jedhu. Innis kakuun Macaafni Qulqulluun bara sanaaf gale mirkanaa'uu isaati. Isinis achi jirtu turtan. Sana booda bakka Hafuurri Qulqulluun jirutti deebitu.

Daqiiqaa muraasa keessatti sagalee malakataa ilaalla, inni maal akka labsu ilaalla. Malakata, malakata wangeelaa eenyu akka dhaga'u ilaalaa. Yaadadhaa warri magaalota dallaadhaan marfaman keessa turan guyyaa ayyaana Iyobeeliyuutti achi keessaa ba'uu hin danda'an turan. Lakkii obbo. Isaan dallaadhuma keessa turan, isaan achumatti hafan. Isaaniif raawwatameera, isaan didanii achi keessatti hafan umurii isaanii guutuu garboota waan ta'aniif mallattoon isaanitti godhama.

Amma akkuma fakkeenyota kana hunda ilaalaa jirrutti hubadhaa.

45 Amma, gochoonni kun, Miilkiyaas 4 fi isaan kun hundinuu Ibroota 13:8, "Yesus Kiristoos kaleessa isuma ture, har'as, bara baraanis isuma sana," Inni bara baraan Sagalicha ta'ee in hafa, Sagalee foon uffatee mul'ate ta'ee hafa. Kun immoo sirritti waan Inni raajotaaf labsedha. Raajiin jechuun "nama waa argu, nama raajii dubbatu" qofa osoo hin taane, "Dubbii jireenya isaa keessatti barreeffame kan mul'isu" jechuudha. Hojiin raajichaa Sagalee guyyaa sanaaf dubbatame mul'isa, ni mirkaneessas, inni akkuma Nohi markaba ni ijaara, akkuma Musee dachaa sana keessa turee in ta'a, waanuma fedhe kamiyyuu irratti... Sagalee sa'aatii sanaaf abdachiifame hojiitti in jijjjira.

46 Amma, Inni nu wajjin akka jiru ni beekna; sana ni amanna. Dubbiin isaa suuraadhaan, macaafa qulqulluudhaan, labsii waaqa irraa gara lafaatti ba'uun yommuu mul'ifamu argitaniittu. Wanti Inni jedhe hunduu, yeroo tokkollee hin fashaloofne. Namni kamiyyuu, kutaalee biyyattii adda addaa irraa ykn addunyaa kana irra kan jiru kamuu kana akka natti agarsiisu nan barbaada, innis eessattii fi yoom akka fashalaa'ee beeku jecha jechaan akka naaf barreessitan, ykn akka natti himatan nan barbaada—guutuutti, jecha jechaatti. Amma, sun kakuu dha.

47 Inni bara dhumaa kana keessatti maaliif mul'achuu irra jira? Yoo duuba deebitan (dhaggeeffattoota teeppii warri taatan) gara mata duree Muka Misirrootti jedhutti deebitanii yoo ilaalatan, Kiristoos muka iddoo dhaabaa Eden keessa ture sana akka ta'e in hubattu . Addaam inni jalqabaa in kufe, Addaam inni lammaffaan kun immoo cubbuudhaan murame; isaan muka Roomaa irratti Isa fannisan. Sana keessaas kan ba'e—mukti misirroo inni Inni abdachiise, inni nuti Caaffata Qulqullaa'oo keessatti arginu achi keessaa

ba'a.

Amma, misirroo argachuuf jecha.... Akkuma piraamidii, yeroo hundumaa xiqqaa dhufa, bal'ina guddaa irraa dhufa, Luuter, Wesley, Pheenxeqoosxee irraa dhufa. Achiis dhagaan guutuu (capstone) gubbaa isaa jiru akka malee qaramaa dha; akkasumas tokkoon tokkoon dhagaa sanaa akkasitti haala gaariin walitti qabamaniiru (akkamitti akka hojjetanis ammatti hin beeknu); garuu piraamidii sana keessatti akkasitti haala gaariin walitti qabameera (nuti amma barsiisaa piraamidii irra hin jirru, nuti ... Henok fi isaan waggoota dura isa ijaaraniiru); akkasumas inni mallattoodhaaf (symbol) kan dhaabatudha. Akkuma aduun baatee lixxu, akkuma mukti jireenya (life) isaa gadi dhiisu—baala isaa gadi dhiisee ammas deebisee fudhatu, akkuma qurxummii fi loonii, fi wanti biraa hundinuu fakkeenya isaa ta'an, piraamidiin sunis akka mallattootti dhaabata.

48 Gola raajii keessa seenaatii sadarkaalee (steps) torban sana ilaalaa. Eessatti, nama dhufu gara mootichaatti ol geessuuf iddoon qormaanni itti waardiyyaa mudate sadarkaa (step) meeqaffaa irratti? Tarkaanfii torbaffaa irratti isa mudatee ture. Achitti Hafuura Yohaannis irra ture sanaan deebi'ee nuuf dhufuu akka qabu agarsiisa. Inni Masiihicha beeksise; inni raajota hundumaa caalaa guddaa ture; inni isa beeksise.

Ammas bakka tokkotti dhufuu qabna, gara waan Masihicha beeksisuuf deemutti dhufuu qabna.

49 Masiihichi immoo akkamitti—namoonni Isatti amanan akkamitti isa beekuu danda'u, Inni maal akka ta'e beekuuf yoo walitti fufiinsaan Sagalicha keessa jiraatan malee. Warri ogeessonni kana in hubatu, warri gowwoonni, warri jal'oonni garuu kana hin hubatan jedhe Daani'eel. Isaan Waaqayyo isaanii ni beeku.

Amma, amma, guyyoota gara dhumaa keessatti in mul'ata kan Inni jedhe namoota gara Dubbii Waaqayyootti deebisuufidha, akka misirroon abbaa warraa ishee beektu, hiriyaa gaa'elaa ishee beektu, Dubbii mul'ate akka beektu gochuufidha. Kanaafidha kun ta'uu kan qabuuf. Inni haaromsitoota keessa hin turre; Luuter, Wesley, fi Pheenxee, fi isaan kaan keessa hin turre; Caaffanni Qulqullaa'oon akkas hin turre jedha. Garuu inni ni dhufa; bara kanaaf kakuun inni gale kanuma.

Bara dhufaatiin isaa keessatti ta'u keessa jiraachaa jirra. Isheen Isa keessatti adda baafamuu qabdi. Dubartiin kamiyyuu abbaa warraa ishee wajjin adda baafamuu qabdi, sababiin isaas lamaan isaanii tokko waan ta'aniif. Akkasumas misirroon Kiristoos Isa waliin adda baafamuu qabdi, sababiin isaas lamaan isaanii tokko waan ta'aniif, Innis Dubbii Waaqayyoo ti malee waldaa amantii (denomination) miti, Sagalicha malee. Ijoollee ifaa ta'uu qabna, ifni immoo Dubbii Waaqayyoo isa bara kanaaf ifa ta'edha. Dubbii Waaqayyoo irraa yoo dhufe malee ificha akkamitti beekuu dandeenya. Tole. Sagalee foon ta'e yommuu argitanitti Inni ifa barichaa ti; Macaafni Qulqulluun akkas jedheera.

50 Namoonni achi turan Yesusiin ilaalanii, "Ba'eessa, namichi kun eenyu? Maaliif, inni dhala seeraan alaa kan dachaa gadii sanatti dhalatedha. Maaliif, abbaa fi haati isaa kana, sanaa fi kan akkasiiti, isaan waan kana hunda, sanas" jedhan. Garuu isaan Isa hin beekan turan. Isaan osoo Caaffata Qulqullaa'oo beekaniiru ta'ee silaa Isa beeku turan; Inni akkas isaaniin jedhe.

Isaan, "Nuti bartoota Museeti!" jedhan.

"Osoo Musee beektu ta'ee, Museen waa'ee koo waan barreesseef, silaa Ana beektu" isaaniin jedhe. Isaan amma iyyuu Isa arguuf baay'ee jaamaa dha! Hammam akka gad of deebise argitanii? Hojjettoota (crews) hundumaa irraa fagaatee, waldoota amantii(denominations) , amantii (creed) fi waan hundumaa irraa fagaatee, Waaqayyo gara nama foonitti jijjiiramee , bifa namaatiin, furii fira aantii (a kinsman redeemer) ta'e. Isheen Isa wajjin adda baafamuu qabdi.

Ijoollee ifaa taanee ifa keessa akka deemnuuf affeeramneerra.

51 Nan yaadadha dhi'eenyuma kana as dachaa Kentucky keessatti walga'ii irran ture. Ergan waldaa keessaa ba'ee booda jaarsi tokko faanosii (lantern)harkatti qabatee dhaabbata ture. Inni miseensa waldaa fayyisuu fi kkf tti hin amannee ti. Inni, "Obboleessa koo Biraanhaam an si wajjin garaagarummaan qaba" jedhe.

Anis, "Eeyyee, akkas gochuuf mirga qabda" jedheen deebiseef.

Innis, "Argitaa? Yoon arge malee homaa hin fudhadhu. Waan sana Sirritti ifatti arguun qaba" naan jedhe.

Anis, " Ati Waaqayyoon ifaa ifatti fuula kee dura utuu dhaabatuu argitee beektaa?" jedheen gaafadhe. (Dhugaadha, inni mul'ataa fi waantoota kaanitti hin amanu ture.)

Innis, "Lakki!" naan jedhe.

"Egaa"n jedheen, "Egaa yaa obbo, ati amanaa miti; Si waliin haasa'uu hin dandeenye. (Argitee,

argitee?) Nuyi waan Waaqayyo abdachiise ni argina, isas eegganna"n isaan jedhe.

Innis, "Akkamitti qoyyabdee sana bira ga'uu dandeessa?" naan jedhe. Anis—innis, "Kottu, na waliin gara manaa deemi, galgala kana na faana haasa'i" naan jedhe.

Anis, "Hin danda'u; malee silaa natti tola ture. Eessa jiraatta?"

Innis, "Gara gaara kanaatti yoo ol baate, achin jiraadha " naan jedhe.

Anis, "Akkamitti achi geessa, mana kee hin argitu'oo?"

Innis, "Tole, karaan gara gaarichaatti ol geessu jira" naan jedhe.

Anis, "Ati karaa hin argitu" jedheen.

Innis, "Ba'eessa, faanosii nan qaba" naan jedhe.

Anis, "Faanosiin ifa mana irratti sirriitti hin argisiisu"n jedheen.

"Oo, lakki, garuu karaan sun gara manaatti nama geessa."

"Garuu faanosiin sun yeroo tokkotti tarkaanfii tokko qofaaf ifa agarsiisa."

52 Nuyi ifa keessa in deemna, ifa bareedaa keessa tarkaanfii keessa tarkaanfannee gara Gooftaatti in dhi'aanna.

Eeyyee, ijoolleen ifaa Dubbii Sagalee isaa in fudhatu. Deemsa keessan itti fufaa, kanneen biroos akka mul'atan ilaalaa. Hin dhiisinaa, namni biraa waan fedhe jedhus, sana keessa sirriitti turuudhaan isa waliin deemuu itti fufaa. Akka inni mul'atuu fi of mul'isu ilaalaa. Dubbiin Waaqayyoo sanyii dha; sanyii lafa sirrii irratti faca'u gosuma isaa in godhata.

53 Mul'ata 10:1 hanga 7tti hubadhaa, iccitiiwwan hundinuu ergamaa waldaa Laodiqiyaatiin misirrootti mul'ifamuu qabu. Namni Macaafa Qulqulluu Revised Version qabu jiraa? Yoo qabdu taatan, bakka ergamaa jedhutti hammattuu keessatti joobira akka inni jedhu ni hubattu ... ergamaa gara waldaa Laa'odiiqeyaa (argitanii?), Mul'ata 10:1 hanga 7.

Innis akkas jedhe—guyyaa sanatti utuu Inni gadi bu'uu arge, macaafa xiqqaa sanas in nyaate. Achiis ... Miila tokko lafa gogaa irra isa tokko immoo galaana irra kaa'ee si'achi lafarra harkisuun akka hin jirre maqaa isa baraa hamma bara baraatti jiraatuun kakate. Yeroo Inni kana godhus, qaqawween torba torba sagalee isaanii in dhageessisan. Qaqawween torban sun sagalee isaanii yommuu dhageessisan, Yohaannis n waan isaan jedhbarreessuuf ture; Inni immoo, "Hin barreessin" isaan jedhe. Argitanii? Innis waan dubbatme cufee garaatti qabate.

54 Amma, namni tokko, "Egaa chaappaawwan torba sun, Obboleessa koo Biraanhaam, guyyoota dhumaa keessatti kan mul'atanidha,inni iccitii guddaa akkamitti akka Waaqayyotti dhi'aannu ..."in jedha. Lakki, gooftaa, akkas ta'uu hin danda'u. "Namni Macaafa Qulqulluu kana keessaa jecha tokko irraa hir'ise yookiin jecha tokko itti dabale, qoodni isaa macaafa jireenyaa irraa in fudhatama." Inni mul'ata duraan utuu hin mul'ifamin bira darbame dha ... inni durumaan as keessatti barreeffamee jira; inni asuma keessa jira; inni waanuma duraan barreeffame mul'isuudha (argitanii?), sababni isaas waan tokko itti dabaluu hin dandeessan, ykn jecha tokko irraa hir'isuu hin dandeessan.

55 Boqonnaa Macaafa Qulqulluu isa jalqabaa—jalqaba irratti, Seera Uumamaa keessatti, dubartiin tokko amanuu didde utuu hin taane hiika dogoggoraa itti laatte—Seexanni jecha tokko dogoggoraan akka hiiku ishee godhee, "Dhuguma...." Argitanii? Sana booda sana irraa kan ka'e rakkoon kun hundi dhufe. Sun waanWaaqayyo dubbate ture, Dubbii Waaqayyoo ture. Mul'ata boqonnaa isa dhumaa irrattis Yesus, Ofii Isaatii, Waaqayyo tokkichi, "Namni jecha tokko irraa hir'ise yookaan jecha tokko itti dabale..." jedheera. Kun guutummaa mul'ata Yesuus Kiristoosii ti, mallattowwan torbanis iccitii dhokataa waan inni ture hundumaa isa guyyaa gara dhumaatti, bara Laa'odiiqeyaatti, dhuma yeroottis banama jedhamee yaadameeti. Galanni Waaqayyoof haa ta'u, sun ergaa xumuraa waldaadhaaf dabarfamudha. Sun xumura isaati, yeroo isaan duubatti deebi'anii ilaalanii waan ture arganii fi eessatti hunduu akka ol guddate arganitti, sun xumura bara waldaa ta'a.

56 Amma hubadhaa, Malkanni kan nuti amma irratti dubbachaa jirru, waamicha wal ga'iifyookaan ayyaanaaf, waraanaaf, nama tokkoof, guyyaa qulqulluu tokko tokkoof, yookaan waan akkasiitiif godhamudha (hubadhaa, Ati"Nama tokkoofii?" in jetta, eeyyee ), bara Iyobeliyuutti birmadummaa garbaa labsuuf ni hafuufama, garbi sun garuu birmaduu of baasuu dhiisuu ni danda'a. Amma, waan tokkicha kana qofa irratti ganama guutuu fudhannee dubbachuu dandeenya turre. Amma garuu, gara malakataatti seenuudhaan dura waa'ee mallattowwanii fi waldaa hamma tokko hubattaniittu. Amma, gara malakataatti dabarra.

Malakanni afuufamera; Malakanni immoo yookaan waraana, yookaan guyyaa ayyaanaa

yookaan....agarsiisa. Hiikni isaa, hiikni malakataa walitti qabamuu namootaa jechuudha. Phaawulos, " Sagaleen fiingee gargar ba'ee yoo dhaga'amuu dhaabaates eenyutu lolaaf, ykn nagaadhaaf, ykn waanuma fedheef of qopheessuu danda'a ree?" jedhe. Eenyutu beeka? Sagaleen malakataa maal akka ta'e beekuu qabda. Kanaaf yeroo malakanni dhageessifamu har'a lafa irratti waan tokko akka ta'e argina. Iddoo tokko rakkoo guddaatu jira jechuu dha; namni hundi kana ni beeka. Namni hundinuu naasuu keessa jira. Addunyaa guutuun addunyaa naasisaa yommuu ta'utti, wanti dogoggoraa akka jiru ni beekna. Pentagonitti, bakka hundatti, wanti dogoggoraa akka jiru ni beekna.

57 Amma, karaan tokkichi sagaleen malakataa maal akka ta'e ittiin beektan, waraqaan muuziqaa (music sheet) maal akka jedhu ilaaluu qofaadhaani. Kana qofa. Simfooni (symphony) guddaadha (argitanii?) rukuttaan isaas akka "Pheexiroosii fi yeyyii " ti. Argitanii? Yeroo isin.... Yoo.... Akkasumas qindeessaan kitaabicha barreessee jira, daayirektarichis hafuura qindeessaa sana keessa ta'uu qaba. Inni yoo kana hin godhin rukuttaa dogoggoraatiin sagalee hin taane kenna, sana booda wanti hundi toora keessaa ba'a.

Rakkoon har'aas kanuma. Daarektaroota baay'ee qabna—garuu hafuura qindeessaa keessaa keessa hin jiran. Waldaa amantii (denomination) dha, "Eeyyee, nuti kana ni amanna" jedhu. Waan feetan iyyuu jedhaa malee Macaafa Qulqulluutu sirrii dha. Akka waraqaa muuziqaa as nu dura jiruutti rukutaa, sana booda simfooni guddaan gocha Waaqayyoo isa guddaa sirriitti ni dhageessisa; sana booda yeroo fi bakka dhaabannee jirruu ni argina.

58 Amma hubadhaa, malakanni namoota walitti waama— namoonni waan tokkoof walitti akka qabaman godha. Yeroo tokko tokko nama barbaachisaa akka Yooseef beeksisuuf tajaajilarra oola ture. Isaan malakata dhageessifnaan Yoseef fuul duratti ba'ee mul'ate, kunis mallattoo malakata guddaa (isa kana yeroo muraasa booda irratti dubbanna) isa Isaayaas keessatti yeroo fiinoo guddaan sun hafuufamee faajjiin achitti ol kaafamu, sana booda yeroon malakanni guddaan itti dhageessifamu ni dhufa; saboonni hundinuus gara Yerusaalemitti walitti in qabamu jedhudha. Yeroon sun, yeroon malakanni guddaan itti dhageessifamu yeroo barri kumaa sun itti jalqabudha.

59 Waamichi ayyaana Malakataa kun wanti tokko as dhi'aachuu isaa agarsiisa.... Mul'ata 8: 7 hubadhaa, yoo barreeffachuu barbaaddaniif. Yeroo malakanni inni jalqabaa dhageessifame cabbiin, ibiddi dhiigaan makames lafa irratti gadi akka daddarbatame ni hubanna. Sirritti Seera Ba'uu wajjin tokkuma, yeroo Waaqayyo saba isaa basuuf waamaa turee wajjin tokkuma.

Amma, sababni malakanni torban kun waldaa kanaa fi bara kana hin ilaallanneef Israa'el qofa kan ilaallatu waan ta'eefi. Inni waamicha walitti qabamuu sabaatiif godhamu dha. Ammas, as keessatti wanti inni bakka bu'u tokko jira, isas daqiiqaa muraasa booda akka hubattan nan barbaada, innis iddoo itti malakanni torban kun bara nuti keessa jiraachaa jirruu wajjin maaliif akka wal hin qabnne itti hubattani dha.

60 Namoonni baay'een sanaan garaagarummaa akka qaban nan beeka, garuu immoo inni kana akka ta'e nan beeka. Ani isa nan beeka. Waan isin jettaniifan jedha miti, sababiin isaa ofii koo irraa fuudheen waanan hin dubbanneef; yaadni koo kun kan koo miti. Wanta natti dubbatame dha, yoo dogoggora ta'e, dogoggora ta'uu isaati. Garuu ani yaada mataa kootiin osoo hin taane waan namni biraa natti dubbaten isinitti himaa jira. Namni biraa sunis Waaqayyo isa nutti dubbatee wantoota kana hunda hojjetee, hojjechuu Isaas nutti mul'isee nuyis argine dha. Kanaafis sirrii ta'uu isaa nan beeka.

61 Walitti qabamuun Israa'el malakata dha. Malakanni Israa'eliin walitti qabuudha.

Hubadhaa, sagaleen malakataa inni jalqabaa yommuu dhageessifame, dhiigni, ibiddi, cabbii, fi wanti hundinuu lafa irratti faca'e, ilaalaa. Inni maal hojjechaa ture? Israa'eliin Gibxii hafuuraa keessaa baasuudhaan (argitanii?) gara biyya isaaniitti deebisaa jira.

Amma, mee asitti kana sirriitti nan jedha, Malakanni afuufame hunduu mallattoo ja'affaa jalatti afuufame. Daqiiqaa muraasa booda bakka itti mallattoo (seal) ilaallu bira ni geenya. Yeroo mallattoo torbaffaatti iddoo sana cal'isi waan tureef, malakanni hundinuu mallattoo ja'affaa jalatti dhaga'amaa ture. Namni beeku hin turre; sun daqiiqaa ykn sa'aatii Kiristoos itti dhufu ture, akkuma nutti mul'ise sanatti.

62 Malakanni hunduu garuu mallatteeffamuu ja'affaa jalatti, ari'atama Yihudootaa jalatti dhageessifamee ture.

Amma hubadhaa, Mul'ata boqonnaa 8ffaa fi lakkoofsa 7ffaa irraa jalqabaa ilaalaa. Hundi isaa waamicha Israa'el fooniin Gibxii keessaa waamuu ture, amma immmoo waamicha miira hafuuraatiin Israa'eliin Gibxii keessaa baasuu ti. Gara ayyaana araaraatti akka dhufaniif isaan qopheessaa ture.

Hubadhaa, ayyaanni malakata hafuufuu jalqaba ture, innis ayyaana Pheenxeqoosxee ture. Ayyaanni araaraa guyyaa shantama booda isa hordofee kan dhufu ture. Ayyaana araaraa, asii dubbbifadhaa, ni—tarii yoo yeroo qabaanne-isa isiniif eerree Macaafa Qulqulluu keessaa Lewwoota 12, yookaan Lewwoota 23 jechuu koo ti, akkasumas Lewwoota 16ffaa keessaa isiniif dubbisfna .Inni ayyaanni malakataa inni duraa ayyaana araaraa akka ta'ee fi booda immoo Pheenxeqoosxeen isa hordofee akka ta'e ni arganna.

Amma, kan argannu—ayyaanni araaraa ayyaana malakataa hordofe dhufa.

63 Amma hubadhaa, malakanni tokko afuufameera innis isaaniin walitti qabuuf dhageessifame. Amma, malakanni inni jalqabaa ni afuufame; bokkaa, dhiignii fi ibiddi lafa irratti roobe, akkuma Gibxiitti, akkuma guyyaa araaraatiif akka qophaa'aniif isaan waametti, ilaalaa. Isaan araara dhugaa didan, waggoonni kunis kanaaf dheeratan, waggoonni dheeratan kunis ayyaana Pheenxeqoosxee turan, ilaalaa. Amma, Yihudootaaf sagalee dhageessisuun itti aanee dhufa; kun waamicha waldaan akka baatuuf godhamaa ture dha. Amma sirriitti itti dhi'aadhaa, erga gara biyya abdachiifamaniitti isaan geessee booda, Inni waanuma wal fakkaatu in godha, innis fakkeenya Inni ittiin waldaa gara biyya abdachiifamteetti ittiin geessudha. Yaadadhaa, malakanni hunduu mallattoo ja'affaa jalatti kan dhageessifame, yeroon inni itti dhageessifame yeros qofa.

64 Amma hubadhaa, walitti fufiinsi macaafa qulqulluu sirriitti wal fakkaata. Malkanni torbaffaan kan Israa'eliif dhageessifamu yommuu ta'u mallattoo torbaffaan kan waldaa ture. Mallatteeffamuu torbaffaa jalatti lubbuuwwan iddoo aarsaa jala turan sun yeroo uffata fudhatan ni argina; uffatichi isaaniif kenname (given) malee isaantu argate (earned) jechuu miti, sababiin isaas isaan bara Waaqayyo amma iyyuu Yihudoota osoo hin taane Ormoota wajjin ayyaanaan hojjechaa ture keessa turan. Israa'el akka sabaatti fayyite; Waaqayyo Israa'el wajjin akka biyyaatti (nation) hojjeta. Ormoonni saba (people) maqaa isaati maleebiyya (nation) maqaa isaa kan ta'an Israa'el miti.

65 Akkasumas yeroo Hitler fi isaan kaan Yihudoota ari'atan, isaan isa jalatti waan fedhan isaan irratti raawwatanii.... Ilaa isaan ... Istaaliin, Hitler fi abbootiin irree ka'an kanneen hundi (yeroo hin qabuuf malee silaa utuun warra haaraa reefuu dhufaniif irra deebi'ee natti tola ture, garuu sana keessa darbineerra), baruma wal fakkaatu sana keessa Jarmanii fi biyyoota biroo hunda keessa turan.... Yihudoonni lafa hunda keessatti faffaca'aniiru, garuu waggoota digdama darban keessatti ari'atama hadhaa'aatu Yihudoota irratti raawwatame.

Ani achi iddoo durii sana deemeen ture, bakka isaan itti isaanii fi reeffa isaanii itti gubanii daaraa isaatti fayyadaman—ijoollee Yihudootaa, dubartootaa fi isaan kaan gubanii daaraa isaanii akka xaa'ootti itti fayyadaman. Sana booda isaan kana haaluu yaalu. Geessaatii waan isaan hojjetan bakka isaa itti agarsiisaa. Israa'el irratti ari'atamni dhaabbii (regular) raawwatameera, sababiin isaas yeroon ammaa yeroo gara araaraatti deebisee isa waamu waan ta'eef; inni amma iyyuu araara hoolaa uumamaa jala jira. Hoolichi Waaqayyoo inni dhugaan araarsaadha, Israa'el garuu Isa hin fudhanne, ergasii amma iyyuu gatiin dhiigaa isarra jira.

Hubadhaa, namoota qopheessaa jira. Egaa malakanni torbaffaa fi mallatteeffamuu torbaffaan hammam guutuu (perfect) akka ta'e hubadhaa. Guutumaan guututti ari'atamuu Yihudootaa wajjin kan deemu dha.

66 Hubadhaa, Mul'ata boqonnaa 9ffaa fi lakkoofsa 13ffaa keessatti (amma sirriitti itti dhi'aadhaa), malakata ja'affaa jalatti (Mul'ata 9:13), malakata ja'affaa jalatti, hubadhaa, loltoota abbootii fardeenii 200,000,000tu turan, isaanis warra laga Efraaxis keessatti hidhamanii turantu malakata ja'affaa jalatti hiikamanii gadi dhiifaman. Amma, addunyaa kanarra loltoonni abbootii fardeenii 200,000,000 hin jiran, garuu loltoota abbootii fardeenii 200,000,000tu turan. Maal jechuu akka ta'e hubadhaa. (Booda akka dubbifachuu dandeessanitti kana akka barreeffattan nan barbaada.) Isaan fardeen uumamaa hin turre. Isaan Ibidda hafuura baafatu, maddaa sibiilaa isa diimaa irraa hojjetame qabu, isaan eegee qabu, eegee isaanii bofa fakkaata dhumni eegee isaaniis mataa bofaa fakkaata, isaanis nama in hiddu, ilaalaa. Isaan fardeen hafuuraa , seexanoota hafuuraa, fadeen lolaa, kan waggoota kana hunda Efraaxis keessatti hidhaman, seexanoota uumamaa ol ta'an (supernatural devils) turan. Inni maal ture? Impaayera Roomaa durii deebi'ee ka'uudha, ari'atama Yihudootaati. Isaan gara waggoota kuma lamaatiif laga Efraaxisitti hidhamanii turan, gara lafa kakuu sanaatti qaxxaamuruu hin danda'an gareen amantii gara biraa achi ga'uuf yaalaa ture, Efraaxis akkuma beektan Eeden keessa darba. Isaan garuu achitti hidhamanii turan, seexanoota ari'annaa 200,000,000tu achi keessa ture.

67 Akkasuma wanta malakata ja'affaa sana jalatti ta'u hubadhaa. Isaan Yihudoota irratti hiikamanii gadi dhiifaman, ari'atama Yihudootaa! Seexanoonni uumamaa ol ta'an yeroo gara waggaa kuma lamaatti Istaaliin fi Hitleriin Yihudoota irratti hiikamanii gadi dhiifaman.

Ati, "Tole, sun Roomaa miti" in jetta. Inni hafuuruma tokkicha, isaan waanuma bara Roomaa warri ormaa (pagan) durii Kiristaanota irratti hojjetan (amma Israa'el uumamaa (foonii) fi waldaa hafuuraa ammaa ilaalaa, asitti addaan baafnee haa ilaallu) hiikamanii Yihudoota irratti hojjetan.

Ni yaadattuu, mallatteeffamuu ja'affaa jalatti akkamitti tokkoon tokkoon wareegamtoota sun akka waamamaa jiran—akkataa Sagalee Waaqayyootti akka isaan itti uffata argatan? Inni ayyaanaan isaaniif kenname, sababiin isaas isaan Wangeela arguu akka hin dandeenyetti jaamaniiru, kanaanis namoota warra Ormootaa (Gentiles) keessaa misirroon akka waamamtuuf. Uffanni isaaniif kenname, Macaafni Qulqulluun Malakata sana jalatti akkas jedhee dubbata, isaan Yihudoota, isaan guutummaatti Kiristoosii fi waan hundumaan warra mormanidha. Sababni isaan akkas ta'aniifis, Macaafni Qulqulluun isaan waan

jaamaniifi jedha; isaan isiniif jedhamee akka jaaman godhaman! Waaqoyyo qajeelaan immoo akka isaan isa fudhatan ni beeka, garuu isiniif jedhanii jaamaniiru. Macaafni Qulqulluun akkas jedheera.

68 Impaayerri Roomaa sun maaliin achitti hidhamee jira? Humnoota abbootii amantii (ecclesiastical) kan warra Roomaatiin hidhame, waaqa tolfamaa Roomaa (Roman pagan) phaaphaasii Roomaa taatee, duudhaa Kiristaanummaa isheetiin achi keessatti hidhamtee ture, gama tokkoon kiristaana gama kaaniin immoo amantii sobaa warra Roomaa kan ta'e qabaachuudhaan waaqeffannaa dubartootaa fi wantoota gosa biroo kana hundaaa, guyyoota ayyaana qillee, guyyoota ayyaanaa, guyyoota qulqulluu fi kanneen biroo hundumaa bakka tokkotti walitti guuran. Duudhaalee sanaan hidhamee waan jiruuf inni hiikamee gadi dhiifamuu hin dandeenye, sababiin isaas seera bu'uuraa Kiristaanummaatiin faallaa waan ta'eef. Ammas Waaqayyoon kan hin sodaannedha, hafuura waaqa ormaa! Hafuurri sunis akka raajii Hisqi'eel fi kanneen biroo keessatti eerametti saboota biyya lafaa keessa seene. Isaanis Yihudii isa waa'ee hafuurichaa homaa hin beeknetti hiikamanii gadi dhiifamana. Dhoksaan keessan inni mallatteeffamuu sana jalatti dhokate achi jira, ilaalaa. Kana ilaallee akka keessa darbine hubadhaa. Akkasumas malakata kana , malakata isa dhumaa kanaan waan raawwatamu isinittan agarsiisa. Isaanis kunooti; Malakanni kun kan gad dhiifamu Yihudoota irratti (hin argitanii?) malee Ormoota irratti miti. Kan Ormaa (Gentile) yeroo mallattoon sun banamu ni cufama. Yerichi dhumeera; waldattiin ni waamamti.

69 Mul'ata gaaftokkoo sana ni yaadattuu? Yaada isaa hamma tokko ni yaadattuu? Kudha afuran har'aa isa darbe nama meeqatu yaadata? Akkamitti akkuma jedhametti sirriitti dhufee akka darbe sirritti argineerra. Wanti xurooftuun, wanti xuraa'ummaan guutte waldaa jedhamtee waamamtee akka ol baate argineerra (xuraa'ummaa daangaa darbe), akkasumas misirroon xiqqoo saba hundumaa keessaa, tokkoon tokkoon isaanii akka saba isaanii irraa dhufanitti uffatanii, hunduu mudaa kana hin qabne, Gooftaa dura utuu deemaniis argineerra. Hubadhaa, yeroon tokko yeroo isaan, “Eeyyee, waldaan ari'atama dura waan deemtu natti fakkaatee ture. Ol butamuutu jira jedheen yaadee ture” jedhan dhufuuf jira.

“Inni kanumaan dura iyyuu dhufeera isin immoo isa hin barre.” Kun waa'ee Yohaannis isa Inni yeroo tokko dubbatedha, kan beektu.

“Akkamitti— Egaa maaliif barsiisonni seeraa , 'Eliyaas dura dhufuutu ta'a' jedhu?” jedhanii gaafatan.

Innis, “Inni kanuma dura iyyuu dhufeera” jedhe. Duuka buutonni illee isa hin beekne turan. “Isaan waanuma jaallatan isa irratti hojjietan malee isa hin hubanne.” Ol butamuunis akkasuma ta'a. Sa'aatii tokko keessatti... Inni akkas gochuuf kakuu galeera. Inni akkasitti Eliyaasiini agarsiisuuf waadaa hin galle, garuu misirrottii akkasitti fudhachuuf waadaa galeera—sa'aatii isin hin yaadne keessatti, jijjiiramni yeroo libsuu ijaa keessatti ol in fudhatamti; yeros ati ni hafta. Yericha yeroo sun!

70 Waggoota kuma lamaaf, hafuurri kun karaa saba Roomaa,karaa waldaa Roomaa socho'uu hin dandeenye. Garuu hafuurri sun yeroo jalqabaatti achii ol ba'eeRoomaa keessatti gara Mussolinii ol dhufuudhaan abbaa irree....

Wantoota torba Inni bara 1933 natti agarsiise keessaa shanan akka raawwataman ni beektu mitii? Isaan keessaa shanan isaanii kanumaan dura raawwatamanii darbaniiru. Dr. Lee Vayle amma waa'ee kanaa irratti kitaaba barreessaa jira, ilaalaa. Wantoota shan haaluma jedhameen raawwatamaniiru, wantoonni lamaan hafan dabalataan ta'uu qabu. Isaanis dhufaatii Isaa dura akka ta'an dubbate. Kunoo amma yeroo dhumaa irratti argamna, wanti ja'affaan sun immoo sirriitti ol socho'aa waan jiru fakkaata, ilaalaa. Dhibbaa dhibbatti, utuu irraa hin hir'atin, waraanni akkamitti akka ta'uuf jiru illee utuu hin hafin dubbatameera. Sirriitti, sarara irraa hin gorre, yeroo tokkollee hafee hin beeku.

Dhaggeeffadhaa yaa sabaa, sa'aatii hundumaatti waan haaraa argachuu qabna! Eessa dhaabannee akka jirru hin beeknu-dhuguma dhihoodha!

71 Amma, amma inni hidhaa hiikee.... Mallatteeffamuu ja'affaa sana jalatti, jinniiwwan hafuuraa 200,000,000 kun Roomaa keessatti, Jarmanii keessattis Hitleriin jalqan. Hubadhaa, Macaafa Qulqulluu keessatti bakki isaan argatan ... aangoo mootii ta'uu argatan, garuu gonfoo hin gonfanne. Abbaan irree mootii gonfoo muudame miti, aangoo mootii humnaan kan fudhatudha malee.

Oo, Hafuurri Waaqayyoo amma (ni beektu?) waan tokko natti dubbachaa na keessa socho'aa jira; akkamitti akkan dubbadhu hin beeku, maal akkan jedhus hin beeku tarii jechuu dhiisuu naaf wayya.

72 Hubadhaa, jinniiwwan 200,000,000 Yihudoota sana irratti hiikamanii gadi dhiifaman yeros isaan guban, isaan fannisan; ujummoo dhiigaa isaaniitti qilleensa guutan; isaan ajjeesuuf hamma gaazii ittiin ukkaamsanii isaan ajjeesan of harkaa fixanii dhabanitti ga'an; hamma rasaasa ittiin ajjeessan of harkaa fixanii dhabanitti ga'an; isaan—isaan waanuma jaallatan isaan irratti hojjetan. Isaan reeffa isaanii fi waan hundumaa gubanii, ijoollee fi namoota nagaa hundumaa dallaa irratti fafannisan. Isaan Yihudoota waan ta'aniif kun irratti raawwatame. Waaqayyo garuu tokkoon tokkoon isaaniitiif uffatan isaaniif kenna jedhe, akkas ta'uun isaaniif hin malle, garuu akka nuti arguu dandeenyuuf ayyaanni Isaa isaan jaamse.

Mallattoo torbaffaan sun hanga ammaatti hin banamne, kana ni beektu; sun dhufaatii Isaati.

73 Egaa osoo isaan ammallee achi jala jiranii.... Garuu Inni asitti akka seensaatti akka Yohaannisitti nutti agarsiisa. Inni ol isa fuudhee.... Yeroo tokko galaanarra deemaa ture, kana ni beektu.... Innis “Namichi qoma kee irratti hirkate kun hoo?” ittiin jedhe.

Innis, “Hanga ani deebi'ee dhufutti yoo akkuma jiru kanatti hafe maaltu sitti dhaga'ama?” jedhe. Ilaalaa, inni gonkumaa akka sanatti hin turre, garuu Inni ol isa fuudhee wantoota hanga Inni dhufutti ta'an isatti agarsiise. Guutummaa karoorichaa Yohaannisitti agarsiise.

74 Hubadhaa, amma kana arganna, innis humni uumamaa sun kan uumamaa jalatti, saba uumamaa tokkoof, Israa'elitti akka hiikamee gadi dhiifame dha. Inni maal godhe? Deemtee waraana kaase, akkasumas akkamitti akka ajjeesee fi ari'ate ilaalaa.

Amma damee mana amantii (ecclesiastical realm) ykn ija hafuuraa isaa keessatti.... isin.... Waaqayyo kana akka hubattaniif ija keessan akka banu abdiin qaba, sababiin isaas kana waldaa as jirtu kana qofaaf dubbachaa akkan hin jirre waanan hubadhuufi; sagaleen teeppiin kun addunyaa guutuutti raabsama. Akkasumas miira nama kamiyyuu tuquufan dubbadha miti, dhugaa jiru qofan dubbadha. Amma, mootummaan waldaa Roomaa (ecclesiastacl realm) haaromsa mootummaa Roomaa durii isa kan waaqa tolfamaa irraa banamee Yihudootatti gadi dhiifame, inni yeroo hundumaa diina isaanii ture (leenca ilkaan qabuu fi waan hundumaa, kan lafa dhidhiitee ummata cabse, Roomaadha), Roomaan yeroo hundumaa diina Waaqayyoo turte. Akkasumas hafuura wal fakkaatuun abbootii irree addunyaatiin hiikamee gadi dhiifame, sababiin isaas sirna amantii ammallee qabatee waan tureef; amma hiikamee gadi dhiifamee jira.

75 Inni maal godhe?

Inni haxxummaadhaan akkuma Inni afaan toluudhaan in dhufe jedhetti dhufe. Inni maal hojjete? Inni Mana Maree Pirootestaantii Ikuumeenikaalaa waldoota addunyaa, hafuura Mormituu Kiristoos, lamaan isaanii irratti fidaa jira, akkuma isa warra kaan irratti raawwateetti sa'aatii misirroon itti waamamtutti gara qalmaatti isaan fidee jira. Akkamitti? Waldaa mootummaa hafuuraa keessatti hiikamee gadi dhiifame, hafuura. Maal irratti hiikamee gadi dhiifame? Waldaa jaarmiyaa amantii irratti miti, misirroo irratti malee! Garuu asitti ni hubattu; Misirroon yeroo sana keessa hin darbitu. Macaafni Qulqulluun akkas hin jedhu. Waldaan (denomination) sana keessa ni dabarti, misirroon garuu dhiphina sana hin argitu! Arguu hin dandeessanii,tajaajiltootaa? Sana arguu hin dandeessanii, obbolootaa?

Waldaan fiixaan ba'iinsa isaatiif ari'atama keessa darbuu qabdi jetta. Dhiigni Yesus Kristos misirrottii fiixaan baasa. Namni haadha manaa filatu adabbii baay'ee keessa ishee hin dabarsu; inni durumaan ishee waliin ayyaana argateera; isheen isa waliin ayyaana argatteetti. Innis isheedhaaf kaadhimama. Yoo wanti kamuu jiraates harka ishee qabee bakka hundumaa irraa ishee eega. Ayyaanni Isaa isaan irratti baay'ee guddaadha, misirroo irrattis akkasuma in ta'a, misirrottiifis akkasuma in ta'a.

76 Nuti uumama isaaf hin malle warra si'ooliif mallu turre, garuu ayyaanni isaa qabee keessa nu dabarse. Meeqa akka badee fi meeqa akka jaame ilaalaa, yeroo ani fayyetti cubbamoota meeqatu biyya lafaa kanarra ture! Waaqayyo kaayyoo tokkoof na fayyise, anis kaayyoo sana raawwachuuf fedhii isaatiin murtaa'een jira. Wanti biraa maal akka godhutti an dhimma hin qabu, isa hojjechuun barbaada.

yeroon waldoota hundumaa ilaalu miidhagina isaanii guddaa, dureeyyummaa fi waan hundaa kan geessifannedha jechuu isaanii nan arga; akkasumas isaan nama namni boo'uufiin ta'u, nama gadadamaa fi jaamaatu saggoo keessan utuu rurrukutu in argitu, akkasitti akka isin isaan waliin araarama gootan barbaadu, ani kaayyoo tokkoofin dhaladhe; innis waan sana balaaleffachuu fi isaan keessaa waamee baasuufi! Eeyyee, akkas gochuun qaba.

Yaadadhaa, yeroo Yesus gara lafaa dhufe, namoota lafa kanarra jiran keessaa harka dhibba keessaa harki tokko akka inni as jiru hin beeku ture. Inni garee warra fo'atamee sana argachuuf dhufa. Inni , “ Abbaan inni ana erge yoo isa harkisuu dhaabaate homtinuu gara koo dhufuu hin danda'u. Abbaan kan naaf kenne (hennaa darbe kan argarsiisu) hundinuu ni dhufu. Isaan isa ni beeku; isaan isa ni dhaga'u.

77 Hubadhaa, hiikamee gadi dhiifamuu hafuura mana amantii kanaa hubadhaa. Amma, waraana waggaa digdamaa sana booda, hafuurri mana amantii (ecclesisastical sprit) hiikamuu argina, maal jalatti? Mallatteeffamuu torbaffaa jalatti, malakanni torbaffaan Yihudiidhaafi. Gaaddiddaa'uu ji'aa uumamaa jiru ilaalaa. Eessa jalatti? Fakkii kaafame sana argitaniittuu? Ilmi namaa waldaa keessaa ari'amee baafamaa jira. Inni maali? Tuuta ecclesiasticalii wajjin walitti makamuu dha. Sochiiin ekumenikaalii fi Mana Maree Waldoota Addunyaa waliin nama hunda oofee baasuudhaan.... Wanti sun maaliif dhaabata? Maaliif, barsiisa wangeelaa fi wantoota keessan hundumaa dabarsitanii kennitu! Namni lama yoo waliin hin galin akkamitti walii wajjin deemuu danda'u? Hin danda'an. Yesuus hin danda'an jedheera. Akkasumas waldaan Meetodistootaa fi Baaptisitoonni akkamitti waliin deemuu danda'u? Waldaan Kiristoos akkamitti warra Presbyterian wajjin deemuu dandeessi? Kaatolikiin akkamitti Pirootestaantii wajjin deemuu danda'a? Pirootestaantiin akkamitti Pirootestaantii wajjin deemuu danda'a? Misirrottiin garuu Sagalee isa Kiristoos ta'e waliin deemuu ni dandeessi; waliigalteedhaan ta'uu qaba, sirna mana amantiitiin osoo hin taane, Sagalichaa wajjin walii galuudhaani. Sagalicha waliin deemuuf Sagalicha waliin walii galuu qabdu. Yesus

akkas jedhe; kan sirrii isa taasisus isa kana.

78 Hubadhaa, isheen achi jirti. Amma, isheen warra muraasa dhuma irratti hafan waamtee hiiktee gadi dhiisuuf hiikamtee jirti. "Oo tole, yoos akkanumatti garaagarummaa fidu hin qabu." Sun wanta Seexanni Hewaaniin jedhedha, "Garaagarummaa tokkollee hin fidu. Hundi isaa sirrii dha. Dhugumatti, Waaqayyo Waaqa gaarii dha; Inni Hunda keenya ni jaallata." Inni nama hunda hin jaallatu!

Waa'ee Waaqayyo gaarii ta'uu Isaa baay'ee dhageessu. Inni Waaqa gaarii dha, garuu gaarii ta'uu isaatiin qajeelaa ta'uu qaba. Haqi yoo jiraate malee gaarummaan hin jiru; seerri hin jiru taanaan haqni hin jiru, adabbii hin jiru taanaan adabamuun hin jiru. Kanaafuu nuyi sa'aatii sana keessa jirra, isa keessa jiraachaa jirra.

79 Amma ariitiidhaan, jinniiwwan uumamaa ol ta'an kana hubadhaa. Sana booda gargaarsa mootummaa wal ta'aniitiin gareewwan walitti dabalamanii tokko ta'an, warri bahaa fi warri dhihaa.... Akkuma miila mirgaa fi bitaa bifa fakkeenyaa Daani'eel argeetti walii galanii walitti hin makamne; akkasumas nama Eisenhower jedhamu gaafas jira ture, Eisenhower hiikni isaa "sibiila" jechuudha; Kiruushcheev immoo hiikni isaa "suphee" jechuudha. Innis kophee isaa ofirraa baasee deeskii irratti rurrukutee bakka—yeroo Liigiin Biyyoota Addunyaa, ykn UN irratti—Khrushchev akkas godhe. Awwaara irraa hurgufee....

Yaa waaqa ko, sa'aatii nuti keessa jiraachaa jirru, waldaa fi haala isaa ilaalaa. Garuu Waaqayyoof haa galatu misirrottii isheen xiqqoo sun of qopheessiteetti. Yeroon iaa fagoo miti, ol in qabamti. Hammam akka ta'e an hin beeku, yoom akka ta'e ani hin beeku (namni kana beeku hin jiru), garuu amma akka dhihaate in beekna.

80 'Ecclesia' ilaalaa... isa kan foonii sana ilaalaa, isaan Yihudoota irratti maal akka raawwatan ilaalaa. Isaan saba seera Waaqayyootti qabamee jiraatu turan. Waldoonni meeqa iyyuu haa ka'an malee, wanti kan biraa kamuu haa ta'an iyyuu malee, ija isaanii Kristos irraa jaamsanii seera sanatti qabamanii jiraatan. Waaqayyo immoo tokkoon tokkoon isaaniitiif uffata kenne, sababiin isaas isaan wareegamuudhaan obbaafataniif, ilaalaa. Isaan nuuf jedhanii jaamaniiru.

Kunoo amma waldaan Macaafa Qulqulluu malee homaa hin beekne hundoofteetti; sirni mana kiristaanaa, sirna waldaa amantii osoo hin ilaalin, isaan waa'ee sirnichaa homaa kan hin beeknedha, hundi isaanii sirnichaaf orma. Isaan Isa qofa beeku.

81 Namoonni har'aa hamma tokko Pheexiroosii fi isaan kaan warra tulluu ulfinaa irra turan fakkaatu. Hundi isaanii yeroo wanti uumamaa ol ta'e sun raawwachuu argan in gammadan, isaan keessaa tokko immoo "Godoo tokko Eliyaasiif, godoo tokko immoo Museedhaaf in ijaarra" jedhe. Wanti namoonni, warri Pheenxeqoostee godhanis isuma kana. Isaanis, "Isa tokko waldaa Yaa'ii Waaqayyoo; isa kaan immoo Waldaa Waaqayyoo; isa kaanis immoo waldaa Tokkummaa; isa tokko immoo waldaa warra 'oneness' isa kaan immoo waldaa 'twoness' fi kkf goonee ijaarra" jedhan. Garuu utuu inni dubbataa jiruu Yihowaan, "Kun Ilma koo isa jaallatamaa dha, inni Sagalicha; Isa dhaga'aa; Inni Sagalicha dha" isaaniin jedhe.

82 Sa'aatiin nuti amma keessa jiraachaa jirrutti, warri mootummaa 'ecclesiastical', mootummaan hafuurotaa, amma walitti makamnee hunda isaanii gara iddoo qalma guddaa tokkootti fiduun isaan haxaa'uuf, amma as biyya kana keessa wixineen isaa bibarreeffamaan jira. Dhaabbatichatti hin dabalamtan yoo ta'e waldaa kana cufuuf jiru. Wantichi gamtaa dha; wantichi ugguradha, akkuma mallattoo bineensichaa ti. Egaa bineensichi maal akka ta'e argitaniittu, isa hin hubannee? Inni aboo dha. Inni aboo tokko dha, inni aboo warra 'ecclesiastical' ti, inni akka waan dhugaa sanaatti dhi'oo in ta'a jedhe Yesus, inni yoo danda'ame warra fo'aman iyyuu ni gowwoomsa jedhe. Guyyaa sanatti garuu asitti waan tokko kakuu nuuf gale, innis akka nuti hin gowwoomfamne dha, sun immoo Sagalicha Kiristoos akka nutti mul'isuudha.

Isaan seexanoota uumamaa ol ta'an kan ijaan hin mul'annedha, garuu hojiin isaanii ijaan arguu dandeessu. Argitanii?

83 Hubadhaa, gareen sun utuu farda yaabbatee, waan isaanii wajjin walii hin galle hundumaa dhidhiituuf of qopheessuu, garee biraa yeroo muraasa booda qophaa'aa jirutu jira—Mul'ata 19. Yeroo itti aanutti yeroo Waldaan waamamutti, isheenis akkasuma ni dhufti, qabatamaatti fardeen miti, garuu Macaafni Qulqulluun Inni Farda adii irra akka ture, macci waaqarraa immoo fardeen adii irra utuu Inni taa'uu Isa duukaa akka turan dubbata. Sirriidha? Gareen as gadi jiru kumni lamaan laga Efraaxisitti hidhamee kan ture yoo ta'u, inni waggoota kuma lamaaf hidhamee kan ture yoo ta'u, akkasuma waldaan sun gara waggaa kuma lamaatiif Hafuura Qulqulluu hiiteetti, isheen bara wareegamaa fi bara waldaa keessatti Isa hiiteetti. Laga Efraaxis irratti osoo hin taane, Inni balbala amantii (creed) fi dogmaa irratti hidhamee jira, sababa sirna namni tolcheen hafuurri qulqulluun waldaa keessatti hojjechuu akka hin dandeenye godhame. Garuu isheen birmaduu ba'uuf jirti, isheen bakka isheetti deebi'aa jirti. Macaafni Qulqulluun akkas jedheera. Lamaan isaanii immoo dirree waraanaa irratti wal in argu—Luusiifarii fi Mikaa'el—ammas akkuma jalqabaatti walitti in ba'u.

Isaan gara waggaa kuma lamaaf hidhamaniiru—waggaa kuma lamaaf jechuun ni danda'ama.

84 Dhibbaa dhibbatti bara kuma lama miti, sababiin isaas warri Roomaa Yihudoota, warri Roomaa (Tiitoos sun Dh.K.B. naannoo bara 96 irraa jalqabee) irraa jalqabanii Yihudoota ajjeesuu itti fufan waan ta'eef. Eenyu ture namni Yihudoota ajjeese? Tiitoos eenyu ture? Inni Jeneraala waraana Roomaa ture. Dhiigni karra balbalichaa keessaa gadi jigee hanga ... dubartoota, ijoollee, fi waan hundumaa qalanii dhiiga akka bishaanii dhangalaasaan. Hisqi'eel 9 keessatti akkas gochuuf jiran hin dubbannee ree? Mandarattii keessa deemiitii adda namoota warra sababii wanti ciiggaasisaan as keessatti hojjetameef gaddanii boo'anitti milikkita godhi, innis Hafuura Qulqulluu dha. Namichi hidhamee ture inni warra milikkita hin qabne qaluuf ba'u sun immoo hiikamee gadi dhiifamee ("Naaf qabaa! qabaa!" jedhee ari'ee isaan qabee), nama achi keessa jiru hundumaa in qale. Jaarsi, dubartiin, dargaggeessi, durbi, ijoollee xixinnoon in qalaman. Dhibbaa dhibbatti, kunoo ammas irra deebi'aa jira. Kunoo ammas sirni mana kiristaanaa (ecclesiastical system) sun sirriitti deebi'ee dhufaa jira, waan kan Waaqayyooti jedhamu hundumaa dhidhiitaa jira, liqimsaas jira. Oo, isaan sirna isaanii, jaarmiyaa isaanii fi waldaa amantii (denomination) isaanii argataniiru, garuu sun Macaafa Qulqulluu wajjin waan wal qabatu miti. Dafanii akka itti hin amannellee sitti himu. Eeyyee gooftaa! Waan waldaan jettu jedhi malee.

85 Inni waan Waaqayyo jedhudha; Innis Sagalicha.

Misirrottiin Sagalichaa wajjin jirti, isaan lachuu tokko. Akkamitti tokko ta'uu danda'u? Yeroo Sagalichi inni achi keessatti barreeffam isin keessa ta'u, isinii fi Sagalichi tokko taatan (kun waan Inni sirriitti waadaa gale sana dha), sana booda hiika....

Waaqayyo nama Sagalicha hiiku hin barbaadu. "Eeyyee, akkasitti hiikna" jedhu. Homaa tokko iyyuu hiikuuf mirga hin qabdan. Waaqayyo Ofii Isaatii hiika itti kenna.

Waaqayyo, "Ifni haa ta'u" jedhe, ifnis ni ta'e. Sana eenyutu hiika? Inni "Dubartii ni ulfoofti" jedhe, isheenis in ulfoofte. Sun hiikaa tokkollee hin barbaachisu; inni durumaanuu hiikamee jira. Waaqayyo wantootni kun guyyaa kana keessatti akka ta'an dubbate, innis in ta'e. Hiikkaa tokkollee hin barbaachisu; innuu of hiika.

Yaa Waaqa koo!

86 Mul'ata 9:1, malakata shanaffaa jalatti ... mootii isaanii—hubadhaa. (Amma Mul'ata 9:1) mootii garee guddaa kan abbootii fardeenii 200,000,000 qabu kanaa hubadhaa. Mootii isaan of irraa qaban yoo hubanne, inni urjii isa gadi darbatame sanadha. "Yaa Luusifer attamitti bantiiwwan waaqaa irraa gadi darbatamte?" (Yaa Dr. Smith attamitti waan sirrii hin ta'in (scrupled) ol kaaftee dhaabde, garuu immoo haa ta'u mee, ilaalaa. Inni Sa'aatii isaatti waan ta'u hin turre, ilaalaa. Tole egaa.) ... inni iddoo lafa jalaa keessa ture. Mootiin isaanii mootii iddoo lafa jalaa ti, Mul'ata 17:8 (Asitti waan tokko barreesseen ture; amma isa dubbisuufan deema. Asirratti Mul'ata 17:8 ilaalaa, asitti maal akka inni jedhu ilaaluun barbaada, sababiin isaas akkamitti akkan isa kanatti aanu tuqu hin beeku...), Mul'ata 17:8 kanatti fufee jira.

Bineensi ati argite sun, takka jiraataa ture, amma immoo hin jiru; iddoo lafa jalaa keessaa ol ba'uuf jira, booddee immoo gara badiisaa in dhaqa. Sababii inni takka jiraataa turee, amma immoo hin jirreef, deebi'ee immoo argamuuf jiruuf, warri biyya lafaa irra jiraatan, warri uumamuu biyya lafaatii jalqabee maqaan isaanii macaafa warra jireenya argachuuf jiranii keessatti hin caafamin, bineensicha arganii raajeffachuuf jiru.

Argitanii? Takka jiraataa ture, phaaphaasiin tokko ni du'a, kan biraan immoo ol ba'a—bineensa takka jiraataa ture, amma immoo kan hin jirre, deebi'ee immoo kan jiraatu—tartiiba isaa hin jijjiiru. Phaaphaasiin hunduu yeroon isaa wal fakkaataadha, waan hundumaan tokko—wanti hundi sirna tokkoon deemuu qaba.

87 Inni garam dhaqa? Gara iddoo lafa jalaa dhaqa. Macaafni Qulqulluun asitti akkas jedheera, geggeessaan namoota kanaa iddoo lafa jalaa irraa akka dhufe, innis mootii isaanii ture; inni gonfoo qara sadii diratee Pirootestaantotaa wajjin walitti dabalamaa jira.

Lubni Luteraanii tokko guyyaa tokko utuu dubbatuu dhaga'een ture—ykn lallabaan warra Luteraanii tokko akkas jedhe, "Eeyyee, namoonni maaliif akkan koolaara (collar) uffadhu na gaafatu. Isaan akkamitti natti himu...." Ati yeros achi turtee? Eeyyee, sun waan nama kofalchiisu hin turree ree? Akka ol na deebisuu wayii natti dhaga'amnaan waltajjii irraa bu'een sokke. Isaanis, "Garaagarummaa tokko iyyuu hin qabu" jedhan.

Luuter, Maartiin Luuter osoo kana dhaga'ee, awwaala isaa ol jedhee, "Ati fakkeessituu nana, ati tarree koo keessa hin jirtu" jedha ture. Argitanii?

Garuu inni eessa akka ga'e beektuu? "Garaagarummaan hin jiru" jechuu irra ga'e.

88 Garaagarummaan ni jira! Garaagarummaan akka dhuunfaatti illee ni jira. Waaqayyo, "Phaawulosii fi Barnaabaasiin addaan na baasaa" jedhe. Sirriidha. Hojiin isaanii ... addaan baasaa. Waaqayyo nama

addaan baasa malee nama walitti makaa miti. Waldaan har'a walitti maktuu gaarii kan uffata dhiqannaa, qumxaa fi waan hunda akka uffatan gadi ba'anii bakkee keessa akka deemuu danda'an gochuu barbaaddi. Waaqayyo garuu, "Adda naa baasaa!" jedha. Biyya lafaa irraa adda of baasaa!

89 Mul'ata. Mootiin isaanii iddoo lafa jalaa keessa akka turee fi innumti gara badiisaatti akka galu, al tokko seenee kan deebi'ee ba'u, seenee kan ba'u, akka ta'e asitti arganna.... Hubadhaa, Lewwoota boqonnaa 23ffaa keessatti, hiikni isaa isaa wajjin hammam guutummaatti akka wal simu Sagalee sanaan, amma duraa duuba waan amma ilaaluuf yaalaa jirruu wajjin wal sima. Seera sana amma in ilaalla.

Amma, in hubanna.... Mee yeroo muraasaaf sana baafannee haa dubbisnu. Lallaba keessatti... Lallaba keessa osoo hin taane, Lewwoota keessa—Lewwoota 23. Amma asitti kana hubadhaa (Lewwoota boqonnaa 23ffaa). Amma ... (Akkasumas kun tasumaa akka isin hin darbine nan barbaada, kanaaf amma sirriitti akkaataadhuma Gooftaadhaan asitti nuuf barreeffametti argachuu dandeenya. Seera Ba'uu keessatti Seera Lewwoota argachuu akkan hin dandeenye beekamaadha , argachuu nan danda'aa?) Tole Lewwoota amma:

[23ffaa Lakkoofsa 23ffaa irraa] Waaqayyo itti fufee Museedhaan,

Ati namoota Israa'elitti dubbadhu, isaaniin, "Waaqayyo akkana jedha:-Ji'a torbaffaatti, ji'ichattis guyyaa duraa Sanbata godhadhaa! Innis guyyaa seenaa malakanni afuufamee wal ga'iin qulqulla'aan waamame haa ta'u! [Argitanii?]

Gaafas aarsaa ibiddaan gubamu ana ana Waaqayyoof dhi'eessaa malee, hojii nama dadhabsiisu tokko illee hin hojjetinaa!" jedhi jedhe. [Amma ilaalaa. Amma hubadhaa.]

Waaqayyos ammas Museedhaan,

Ji'a torbaffaa kanatti guyyaan kurnaffaan guyyaa araarri bu'uu dha;...

90 Argitanii? Araarri itti aanee.... Amma sirriitti ilaalaa. Araarri sagalee malakataa hordofe dhufa, ilaalaa. Akkam bareed! Argitanii? Guyyaan araaraa guyyaa malakataa hordofee dhufa ture. Amma, guyyaan shantamni malakataa, yeroo malakanni itti dhageessifamu nuufyeroo Pheenxeqoosxeen itti dhaga'amu kan fakkeeffamu yoo ta'u, kunis guyyoota shantama ture. Amma, sana booda Yihudoonni sana fudhachuu didan; amma malakanni gara araara sanaatti isaan waamuu qaba, ilaalaa, gara araara isa isaan fudhachuu didan sanaatti isaan waamuu qaba. Isaan isa fudhachuu diduu isaaniitiin iji keenya banamuu danda'eera; iji isaanii dunuunfatee ture. Yeroo kana keessattis mallattowwan kun banamanii malakannis ni afuufaman. Ammas, afuufuun malakataa osoo Masiihiin hin dhufin dura-sababni isaas isaan biyya Filisxeem keessa jiraachuu qabu; akkasumas Waaqayyo Gibxii keessaa isaan baasuuf garaa Fara'oon akka jabeesse ni yaadattu; akkasumas Istaaliin, Musooliinii fi hunda isaanii gara biyya abdachiifamteetti, bakka namoonni 144,000 fo'amuu qabanitti akka deebi'aniif garaa itti jabeesse. Ammas, yeroo jalqabaatiif waggoota kumaatamaan booda, waggoota 2,500 booda, Israa'el biyya alaabaa mataa ishee qabdu, biyya waraana mataa ishee qabdu taateetti—biyya UN keessatti fudhatama argatte taateetti. Duraan ni qabu turan. Alaabaan isaan inni durii lafa sana irratti balali'uun hafee ture, yeroo kanatti deebi'ee in balali'a. Urjii faajjii Daawit inni qara shan—inni qara ja'a qabu deebi'ee in balali'a. Innis guyyoota gara dhumaatti, yeroo isheen iddootti deebitutti faajjii sana ol ni kaasa jedhe dubbateera. Nuyi guyyaa dhumaarra jirra. Isa kanaaf shakkiin tokkollee hin jiru ; nuti as jirra.

91 Hubadhaa, amma ariitiidhaan Mul'ata boqonnaa 9 ilaalaa (Malakata torbaffaa jalatti, mootiin isaanii mootii iddoo lafa jalaa ti), ani amma Lewwoota keessan jira, hiikni isaa asitti Sagalichaa wajjin hammam guutummaatti akka tokko ta'e hubadhaa, sababni isaas (argitanii?) battaluma sanatti guyyaa iyobeeliyuu Pheenxeqoosxee hordofee kan dhufe guyyaa araaraa ti. Tartiiba yeroo ayyaanichaa keessatti, ayyaana Pheenxeqoosxee hanga guyyaa araaraa gidduutti, sagaleen malakataa guyyaa araaraaf ayyaana Pheenxeqoosxee booda ni dhageessifama ture, yeroon isaan lamaan giduu jirus baay'ee dheeraa ture.

Ilaalaa, ayyaana Pheenxeqoosxee hanga waamicha malakataan godhamuu gidduutti yeroo dheeraatu isaan lamaan gidduu ture... malakanni afuufamuuf, sagaleen malakataa dhageessifamuuf, yeroo dheeraatu giddu lamaan ture. Ifatti yoo dubbanne, ayyaana Pheenxeqoosxee irraa kaasee hanga ayyaana araaraatti guyyaa shantamatu ture, eeyyee, guyyaa shantamatu ture. Amma, guyyaan shantamni sirritti Sanbata torba ta'a.

92 Sanbatoonni torban immoo baroota waldaa torban ta'a ... baroota waldaa ti. Isiniif galeeraa? Argitanii, argitanii?

Amma, Yihudoonni jaamanii yeroo kana hundumaa eegaa turan, yeroo isaan jaaman kanatti firii jalqabaa, midhaan mataa Pheenxeqoosxee waldaa irratti dhangala'eera. Akkasumas bara wareegamtootaa keessa darbineerra, bara haaromsaa keessas darbineerra, amma immoo bara waamicha keessa jirra, kutaa sadii qaba Hafuurichi garuu tokkuma, akkuma isa Abbaa, Ilmaa fi Hafuurri Qulqulluu tokko ta'ee ti, ilaalaa. Garuu baroonni waldaa torba, Sanbata torba ta'uu isaati, sirriidha, malakata iyyoobeeliyuu Pheenxeqoosxee irraa kaasee sanbata torbatu jira-ayyaana iyyoobeeliiyuu Pheenxeqoosxee

—midhaan mataa sochoosuutti aansee ayyaana iyyoobeeliiyuu Pheenxeqoosxee ti. Sana booda immoo iyyoobeeliiyuu irraa kaasee hanga guyyaa araaraatti Sanbata torbatu jira, innis guyyoota shantama. Dhuma guyyoota shantamaa irrattis ... araarri ni raawwatama. Isiniif galeeraa?

93 Amma kun fakkeenya waldaa isa yeroo Inni Ilma Waaqayyoo ta'ee itti of mul'isee ti, fakkeenya isa Inni cuuphaa hafuura qulqulluutiin barootaa fi bara Pheenxeqoosxee keessatti waldaatti of mul'isee ti, hubadhaa. Itti caalaa, itti guddataa deeme: Luuter jalatti qajeelummaa, Wesley jalatti qulqullaa'ummaa, achii booda cuuphaa Hafuura Qulqulluutu ture; yeroon kun immoo yeroo waldaan akka baatuuf waamamtuu dha.

94 Mallattoo ja'affaan yeroo banametti ari'atamni Yihudoota qabatamaatti rukute. Kunoo immoo ari'atamni waldaa ejjennoo' ecclesiastical'tiin in dhufa, sababiin isaas misirroon durumaanuu waan waamamteef. Sanbatoonni waan xumuramaniif Yihudoonni waamamuuf qophaa'ameera. Eessatti waamamu? Gara Ayyaana araaraatti waamamu. Yaa waldaa, sana hin argituu? Ayyaana araaraatti waamamaniiru, maaliif? Araara sana akka beekaniif—kana booda lukkuu, daakkiyyee fi wanti isaan aarsaa gochaa turan kana booda hin barbaachisu; Hoolaan Waaqayyoo uumamuu qabeebiyya lafaa irraa qalameera. Israa'el kana beekuuf jirti.

95 Hubadhaa, wanti guddaan tokko kunoo kunoo ti. Ilaalaa! Oo, Hafuurri Qulqulluun waggoota kuma lamaan kana hunda waldoota amantiitiin hidhamee ture. Mee yoo qabaatan ni ilaalla. Amma Sanbawwan sana, Sanbatawwan torban hubadhaa; karaa isaan ittiin harkaa ba'uu danda'an hin jiru. Macaafni Qulqulluun guyyaan halkanis guyyaas hin taane ni jiraata jedheera. Caaffanni qulqullaa'oon hundinuus akka Yesus jedhetti, raawwatamuu qaba. Sirriidhaa? “Ameen” jedhaa. Raajichi guyyaan halkanis guyyaas jedhamuu hin dandeenye ni jiraata jedheera, garuu yeroo galgalaatti ifni ni ta'a. Inni maal ture? Biiftuun gara bahaatti ibsitu sun biiftuudhuma gara dhihaattis ibsitudha.

Yeroon aduun sun baatee, qaxxaamurtee, lixu guutummaa jireenya keessanii kan agarsiisu dha. Daa'ima xiqqaan tokko ganama dhalata; gara sa'aatii lamaatti mana barumsaa seena; 5:30tti mana barumsaatii ba'a, yeroon sun ho'a guyyaa ti; achiis gara waggaa shantamaatti seenuu jalqaba; jaatama, torbaatama, saddeettama jechaa, sagaltama keessa yommuu ga'u in du'a; guyyaa itti aanu qofatti jireenyichi deebi'ee dhufa; duuti, awwaalamuun, du'aa ka'uunis jira jechuu dha.

96 Akkasumas hubadhaa, qaroominni aduu waliin adeemeera. Qaroominni durii nuti qabnu Chaayinaa dha (kana namni hunduu ni beeka). Hafuurri Qulqulluun eessatti bu'e? Biyya gara Bahaa irratti, ummata gara Bahaa irratti bu'e. Wangeellis aduu waliin adeemee jira. Inni eessaa dhufe? Gara Bahaa irraa gara Jarmanitti dhufe; Jarmanii irraa gara Ingilaanditti dhufe(yeroo sadii chaanaalii qaxxaamuree); Meditiraaniyaanii irraan gara Jarmanitti ce'e; Meditiraaniyaanii irraan—Bahaa irraan gara Jarmanitti ce'e, karaa Meditiraaniyaanii; Jarmanii irraa kara Chaanaalii Ingiliziitti qaxxaamuree gara Ingiliziitti seene; Ingilizii irraa chaanalii Paasifikii qaxxaamuree —ykn Atlaantiik qaxxaamuree gara Ameerikaatti seene; amma immoo qarqara xumura garbaa gara Dhihaa irra ga'eera! Isheen Saba qaroomsaa keessa darbaa, qarooomsaa keessa darbaa itti fufte. Bakka qaroominni deemu hundatti wangeelli isa waliin deemee jira. Amma,' riffraff'n hundi qarqara galaanaa Dhihaa irratti argama, bakka wanti hundinuu akka dha'aa galaanaa ol ka'ee of bokoksuu jira.

97 Raajichi garuu guyyaa sana aduun hin iftu jedhe; guyyaa ifa akka gara galgalaa in ta'a. Isaan ifa ga'aa kan akka ifa guyyaa roobaa dhugumatti argataniiru; isaan waldootatti makamuu danda'aniiru, akkasumas Gooftaattis amanuu danda'aniir, wantoota kana fakkaatanis gochuu danda'aniiru; Inni garuu yeroo galgalaa'utti duumessi iddoodhaa in kaafama jedheera, waldoonni amantii (denominations) ni badu, wangeelli tokkichi sun, Sagalee tokkichi sun foon ta'e (akkuma Inni Luqaas 17:33 irratti abdachiisetti), wangeelli inni tokkichi sun waanuma hundumaa waliin ni raawwatama jedheera yeroo galgalaa'utti, yeroo gaaddidduun gabaabbachaa deemutti.

Wangeelli sun, Kiristoos sun, inni jalqaba irratti fooniin saba warra ba'a biiftuu keessa jiraate, yeroo gara dhumaatti deebi'ee saba warra gara dhi'a biiftuu keessas in jiraata. “Yeroo galgalaa'utti ifni in ta'a.” Caaffanni qulqullaa'oon hundinuu kaka'umsa Hafuura Qulqulluutiin kan kenname waan ta'eef addaan caccabuu hin danda'u.

98 Guyyoonni gurguddoon shantamman darbaniiru; ayyaanni Pheenxeqoosxee darbee jira. Sanbata torba hanga ayyaana malakataatti jiran fakkeenya baroota waldaa torbanii ti.

Yaadadhaa, yaadadhaa, Malakata ja'affaa jalatti Yihudiin (dhaggeeffachaa jirtuu?)— malakata ja'affaa jalatti Pheenxeqoostoonni Macaafa Qulqulluu fudhachuu ni didu, isaan bu'aa'aa in ta'u, warra Pheenxee qofa osoo hin taane, kanneen hafan hundinuu Isa fudhachuu in didu. Waldaan biyya lafaa Kiristoosiin fudhachuu ni diddi, Inni alatti gadi in baafama. Akkasumas malakanni wal fakkaatu ... ykn mallattoo wal fakkaatuun jechuu kooti, yeroo inni banamutti Yesus waldaa alaa gara waldaa keessaatti deebi'ee seenuuf utuu yaaluu ni agarsiisu; yeroo wal fakkaatutti malakanno Yihudootaaf ni dhageessifama, Yihudoonnis araaricha ni baru! Ulfaadhu! Haleeluiyaa! Yaa Waaqa koo!

Hafuurri Qulqulluun lageen amantii kanaa keessatti gara waggoota kuma lamaatiif hidhamee ture, garuu yeroo gara galgalaatti ergaa yeroo gara galgalaatiif ergamuun ni hiikama: Hafuurri Qulqulluun deebi'ee Waldaa keessatti in bu'a, Kiristoos, Ofii isaatii, fooniin yeroo gara galgalaatti in mul'ata. Inni kana dubbateera; Innis kana gochuuf kakuu galeera.

99 Akkuman jedhe sadarkaa sadiitu ture: wareegamtoota, bara isaaf wareegaman, achiis bara haaromsitootaati, ammi immoo yeroo waamamanii ba'uu ti. Yeroo xumuramutti, bara Laa'odiqeyaatti, akka Mul'ata boqonnaa 10 irratti kaa'ametti dhoksaan Macaafa Qulqulluu hundinuu misirrottiitti ni beeksifama. Sirriidhaa?

Mul'ata boqonnaa kudhan10 (amma itti dhiyeenyaan dhaggeeffadhaa), misirrottiin Sagalichaan waamamtee baate, Kiristoos ofii isaatii misirroo waamaa jira, Inni Ibroota 13:8 ifa gochaa jira (Inni kaleessa isa ture, har'as, bara baraanis isuma sana, waanuma yeroo sanaa hojjeta, Inni isuma sana; "Namni anatti amanu waan ani hojjedhu hundumaas in hojjeta." Argitanii?), Luqaas 22—Luqaas 17:30, akkasumas Miilkiyaas 4, Ibroota 4, dubbiin macaafa qulqulluu abdachiifame kun hundinuu mallattoo ja'affaa fi torbaffaa gidduuttii, fi malakata ja'affaa fi torbaffaa gidduutti kan raawwatamu dha.

100 Ayyaanni Pheenxeqoosxee yeroo malakata torbaffaatti xumurama, sababiin isaas inni itti aanu dhufaatii—mallattoo torbaffaati, sababiin isaas inni itti aanu iccitii dhufaatii Kiristoos waan ta'eef, akkasumas malakanni Yihudootaaf ni afuufama. Malakanni isaanii inni ja'affaan ni dhageessifama, inni yommuu dhageessifamu immoo Ilma Waaqayyoo isa mul'ate isaanitti in beeksisa. Walakkaan sa'aatii tokkoo xumurameera. Malakanni hunduu mallattoo ja'affaa kana irratti akka dhaga'amu yaadadhaa. mallattoo ja'affaan iccitii sana in xumura—mallattoo ja'affaa jalatti utuu inni torbaffaan hin banamin dura.

101 Hubadhu, Lewwoota 23 fi 26 kunoo ti. Caaffanni qulqullaa'oon maal attam tartiibaan deema! Yeroo dheeraa Pheenxeqoosxee booda ... inni Israa'el duraan achitti fudhachuu didde.... Inni waldaa Ormootaas karaa ayyaana Pheenxeqoosxee kanaan waame.

Ayyaanni Pheenxeqoosxee maal akka ta'e nama meeqatu hubata? Inni firii— inni firii jalqabaa midhaan sassaabuu ti, firii jalqabaa du'aa ka'uu, ayyaana Pheenxeqoosxee ti.

Yaa sabaa kana of hin dabarsinaa! Isin teeppii irraa hodoftanis itti dhiyeenyaan dhaggeeffadhaa! Yeroon kun yeroo ayyaana Pheenxeqoosxee ta'ee as ga'e. Yihudoonni jalaa cal'isan;isaan fudhachuu didan. Amma, gara araara sanatti deebi'anii waamamuu qabu. Araarri sun eenyu akka ture nuyi ni beekna; isaan garuu hin beekan. Sagaleen malakataa immoo iyyoobeliyuu Pheenxeqoosxee boodaa fuufamee Yihudoota walitti in waama. Malakanni ari'annaa Hitler fi jara sanaa akkamitti akka dho'e, Yihudoonnis Caaffata Qulqullaa'oo raawwachuuf akka walitti qabamuuf dirqaman arguu hin dandeessanii? Amma, isiniif galeeraa? Namoonni isniif gale hundi "Ameen" jedhaa. Gaarii dha. Tole.

102 Amma as Lewwoota 26 keessatti tartiiba Caaffata Qulqullaa'aa hubadhaa. Yeroo dheeraa Pheenxeqoosxee booda, innis waamicha misirrootiin kan xumuramu (misirroon garbicha tuffatamu sanaan waamamti), itti aansee Israa'eloonni ayyaana araaraa akka beekan in godhama. Hubadhaa, kun akkuma Seera Lewwotaa boqonnaa 16ffaa keessatti dubbatamee, akkuma isa tartiiba ayyaana Pheenxeqoosxee —ykn tartiiba ayyaana araaraa ti. Garuu bakka kanatti isaan kan waamaman (Oo, akkam mudaa hin qabnedha; warri lallabaa taatan argitanii? Yaa tajaajiltootaa kun isin hin darbin), ayyaana Pheenxeqoosxee isa Lewwoota 23:26 keessatti —ykn 23 fi 24 kana keessatti garuu, ayyaana gaddanii gadi of deebisuuti malee ayyaana qalma aarsaa miti. Qalmi ayyaanaa ajjeefameera—aarsaan araaraa ajjeefameera jechuu koo ti, hoolaan araaraa qalameera (Lewwoota 16 wajjin sirriitti wal fakkaata), Israa'eloonni cubbuu isaaniitiif akka gaddanii gadi of deebisaniif iddoon itti isaan waamaman iddoo kana duwwaa dha.

Har'as attam dhibbaa dhibbatti sirrii dha! Inni irra deebi'ee du'a miti (isa Museen yeroo lammaffaaf dhagicha rukutee wajjin wal fakkeessa; inni kun hin hojjetu), amma horii ajjeesanii aarsaa araaraa gochuu miti, araara sana fudhachuu waan didaniif yeroo gadi of deebisuu ti malee. Yaa Waaqa koo!

Kun malakata ta'a, ayyaanni isaanii fudhatama dhaba, sana booda Masiihiin isaanii in baru.

103 Hubadhaa! Masiihii isaanii gaafa argan isa beekuuf jiru. Yeroo kanatti Innii isaan barbaadaa turan aangoo qabatee dhufaa jira. Inni aangoo qabatee misirrottii Ormaatiif dhufaa jira, Yihudoonnis immoo Isa beekuuf jiru. Macaafni Qulqulluunis in dubbata (asitti irratti gara ji'a ja'aa ykn isaan dura lallabeen ture), Macaafni Qulqulluun waan isaan jedhan akkas jedha, "Madaan harka keetii kun immoo maali ree ? (Mee nama meeqatu ergaa sana yaadata, harka keessan ol qabaa. Sirriidha ni yaadattu. Argitanii?) Eessatti madoofte?" in jedhu.

Inni immoo "Mana firoota kootiittan madaa'e" jedhe.

Yeroo Yaaqoob ijoolleen Israa'el meeshaa, nyaata, fi wantoota biroo akka fudhataniif achitti gadi isaan erge irratti lallabuu koo ni yaadattuu; Yoseef akkamitti akka waan isaan hin beeknee akka of godhe; wanti hundinuu akkamitti akka cal'isaan itti fufan, sana boodas akkamitti akka inni isaanitti of

beeksise ni yaadattuu? Sana ni yaadattuu? Isaanis baay'ee sodaatanii boo'uutti ka'an, akkuma rakkina Yaaqoob in ta'a. Kunoo immoo Yihudoonni ari'atama jala jiran garamitti akka goran wallaaluu isaanii argina.

Garuu amma deebi'aa jiru; akkasumas yeroo Araarichi mul'achuu arganitti tokkoon tokkoon isaanii mana cufatanii guyyootaaf akka maatii tokkicha ilama isaanii dhabaniitti in boo'u jedhee dubbata Macafaani qulqulluun—akka maatii ilma isaanii tokkicha dhabaniitti in boo'u. "Madaan harka keetii kun immoo maali ree?" jedhan.

Innis "Mana firoota kootiittan madaa'e" jedhe.

104 Yaadadhaa, misirrottiin durumaanuu waaqa irra jirti. Haati manaa Yoseef masaraa keessa waan turteef, Yoseef nama hundumaa naannoo isaa irraa ari'ee, obboloota isaatti of beeksise. Argitanii? Haati manaa isaa, ijoolleen isaa fi isaan kaanis yeroo Inni Yihudootatti of beeksisuuf deebi'u masaraa keessa turan. Araarri ni jira, malaknni isiniif dhageessifamu jira. Iddoon isaan ittu "Oo...." jechuuf jiran jira. Inni maal? Araarri ni jiraata. "Madaan harka keetii kun immoo maali ree?" Innis kunoo ti.

"Mana firoota kootiittan madaa'e."

Waan obboleessi Yoseef jedhe ni yaadattu? Maaliif isaan akkas jedhan, "Amma mirkanaa'aadha, ni ajjeefamna. Nuti akkas goone; nuti waan hamaa hojjenne waan ta'eef nu ajjeesu"—waan akkasii jedhan.

Inni immoo, "Lakki Waaqayyo kana kan godhe lubbuu baraaruuf jedhee ti" isaaniin jedhe. Seenaa Seera Uumamaa keessa jiru sana ni yaadattu mitii? Argitanii, argitanii? Akkuma kana lubbuu Ormootaa, lubbuu misirrottii oolchuuf jedhee akkas godhe.

Inni, "Mana firoota kootiittan madaa'e, garuu hin aarinaa" jedhe. Argitanii? "Hin sodaatinaa" jedhe.

105 Isaan , "Yaa Waaqa koo! Dhuguma Isa arguu dhabnee turree? Inni edaa Araara turee, inni nu jala darbeeraa edaa? Yaa Waaqayyo!" in jedhu. Isaanis balbala cufatanii kopha kophaatti addaan ba'anii guyyootaaf gadi of deebisan jedha. Inni kun maali? Araarri, gadi of deebisuudhaani argama.

Yeroon dhufaatii kun—yeoon araara beeksisuu kun, aarsaa araaraa isa yeroo hundumaa ajjeefamuu isa akka Lewwoota 16 keessatti caqafamee miti, inni Lewwoota 23 keessatti eerame yeroo cubbuu isaaniitiif gadi of deebisani dha; cubbuun isaaniis isa simachuu diduu isaanii ti.

Oo, eessa akka jirru hin argitanii? Malakatoonni sun nuuf hiika homaa akka hin qabne hin maaliif hin argitan? Hundi isaanii banaa mallattoo keenya isa ja'affaa jalatti sagalee dhageessisan. Waa'ee isaa akkan hin dubbanneef Hafuurri Qulqulluun maaliif akka na dhowwe amma hubattanii? Abbaan inni waaqa irraa jiru, Macaafa Qulqulluu dura jiru kun, sun dhugaa akka ta'e in beeka. Hanga kaleessaatti hin beeku ture—hanga dheengaddaatti hin beekun ture, dheengadda utuun kutaa koo keessa jiruu Inni dhufee achiitti natti mul'ise, achitti dhufee natti dubbate. Anis achii nan deeb'een haadha manaa kootiin, "Haadha warraa! Amma argadheera; Inni achi keessatti dhufee natti himeera. Innis kunooti, yaa damma koo'n" jedhe. Argitanii? Egaa inni kunoo ti (argitanii?), guutummaatti kan walsimsiifame dha.

Oo, namoonni Isa hin qabne dafaatii ol seenaa; tarii yeroon kun carraa dhumaa isin argachuu dandeessan ta'uu danda'a. Yeroo Inni itti deebi'ee dhufu hin beektan.

Ayyaana malakataa.... Macaafni Qulqulluun isaan wal irraa adda ba'anii boo'anii fi kadhatu jedha, sababni isaas—akka nama mucaa isaanii tokkichi jalaa du'ee waan ta'aniif.

106 Ilaalaa! Waan tokko dabalataan jechuun barbaada. Amma itti dhiyeenyaan na hordofaa, kun isin hin darbin. Akkam nama dinqisiisaa! Ergaan ergamaa (angel) torbaffaa irraa gara ergamaa (messanger) mallattoo torbaffaa Mul'ata 10tti ergame mallattoo torbaffaa gara malakata torbanitti ergame ture, yeroo kana lamaan gidduutti....Yaa Waaqayyo, sabni akka hubatuuf attamitti yoo dubbanne wayya laata? Innis malakata ja'affaa sana gidduu jira (malakanni ja'affaan—malakanni ja'affaa fi mallattoo ja'affaan yeroo tokkotti dhageessifamu), dhageessifamuu malakata ja'affaa fi malakata torbaffaa gidduutti immoo raajiin tokko Ormoota duratti dhi'aatee saba sana deebisee gara barumsa Pheenxeqoosxee isa jalqabaatti in waama; akkasumas dhugaa baatonni lamaan Mul'ata 11 keessatti caqafaman Yihudootaatti mul'atanii gara Yesusitti isaan in fidu, kunis utuu waldaan ol fudhatamaa jirtuu in ta'a—raajonni hundinuu. Ameen! Dubbiin Gooftaa addaan caccabuu hin danda'u. Kan ol fudhatamtu waldaa amantii (denomination) miti! Argitanii?

107 Macaafa keessan dubbisiitii malakata ja'affaa fi torbaffaa gidduu kan jiru waamamuu Yihudootaatiif akka itti hin dabalamne (injected) ilaalaa. Dha'icha ja'affaa fi torbaffaa gidduutti gara warra 144,000 sanaatti dhufna (sana ni yaadattu mitii?), innis sana lamaan gidduu ture. Mallattoo ja'affaa gidduu—mallattoo shanaffaa fi mallattoo ja'affaa gidduu—mallattoo ja'affaa fi torbaffaa gidduutti namoonni 144,000 akka waamanii turan ni yaadattuu? Sana ni yaadattuu? Amma, iddoon malakatoonni kun itti seenan jira, (argitanii?) achitti fardeen isaan ar'atan hiikamanii isaanitti gadi dhiifamuuf jiru.

Sana booda sana gidduutti—sana booda ergaan ergamaa torbaffaa inni warra Pheenxeqoosxeetti lallabuu fi isaan balaaleffatu (condemning) in dhufa. Yesus immoo dhiifamee ture, Inni nama kamiinuu wajjin tumsa hin qabaatu,Inni alatti gadi ittifame , Inni fudhatama hin qabu ture (Macaafa Qulqulluutu akkas jedhe); kanaafis Kiristoos nu gidduutti mul'ate, Yesus hunda keenya gidduutti qulqullummaa sagalee isaatiin mul'atee kun akka beekamu godheera. Sun yoo.... Firoota koo, kun irradibaa miti, kun waan Gooftaan dubbate dha, kun waan Caaffanni Qulqullaa'aan jedhe dha.

108 Yeroo wal fakkaatutti.... Amma, battala waldaan kun, misirroon kun walitti qabamteen dhoksaa mallattoo torbaffaa sana keessaatiin ol in fudhatamti—ykn mallattoo torbaffaatiin, dhoksichi ittuma fufee Yihudoonni dhoksaa malakata torbaffaatiin in waamamu, innis raajota lamaan Eliyaasii fi Musee dha. Isaan deebi'anii in dhufu, iddoon sun iddoo warri Pheenxeqoostoonni hundi itti wal keessa makamanidha. Isaan waan tokko gochuu barbaadaa jiru, waldaan immoo yeroo sanatti ol fudhatameetti, sun immoo kan Yihudootaa ti!

109 Amma, sammuu nama tokkoo keessatti sun Musee ta'uu hin danda'u utuu jedhuu natti dhaga'amaa jira. Eeyyee nama akkasiitu jira. Amma yaadadhaa, Inni waan isin yaaddan natti himuu danda'a. Wanti akkasii natti dhaga'amuun ittuma fufa.... Tole.

Mee sana siifan qajeelcha. Inni Musee ture, sababiin isaas yaadni kee kunooti: akka ati jettutti Museen—inni Musee ta'uu hin danda'u, sababiin isaas Museen du'eera jetta. Inni Eliyaasidha jettee yaadda—Eliyaas dhugaadha, inni kaan Henok sitti fakkaate. “Musee duraanuu du'eera” in jetta. Garuu inni deebi'ee jireenyatti deebi'uu akka danda'u yaadadhu; inni waggaa dhibba saddeet booda kana godheera. Waggoota dhibba hedduu booda Gaara Ulfinatti Geeddaramuu irratti mul'ateera. Ati “Namni erga du'ee booda moo?” jetta. Eeyyee obbo. Alaazaar du’ee ture, deebi’ees du'aa ka’e, achiis boodas deebi’ee du’e. Sirriidha! Jal'oonni iyyuu deebi'anii jireenyatti kaafamanii ergasii deebi'anii du'a lammaffaa du'uuf jiru. Sirriidhaa? Kanaafuu sana sammuu kee keessaa baasi; inni Musee dha.

Tajaajila kee akeekkadhu, waan Musee fi Eliyaas hojjetan sirriitti ilaali; isaan bantii waaqaa cufanii ibidda gadi roobsuudhaan.... Wanti isaan godhan maal akka ta'e atuu in beekta.

110 Itti Yaadaa mee! Yeroon kun yeroo dhumaati yaa sabaa. Haleeluiyaa! Guyyaan guddaan inni kan Gooftaa dhi'aateera. Walitti sassaabamaa. Ayyaana Masiihichaa, isaan Isa ni ganu, Masiihiin isaanii akka jirus bira ga'uuf jiru. Macaafni Qulqulluun wanti nama dinqisiisu akkanaa akka raawwatamuuf jiru dubbateera.

Waamicha Mul'ata 11 keessatti, tajaajilli isaanii tajaajila Musee fi Eliyaas kan duudhaa Yihudootaa keessaa Israa'el waamu ni ta'a, akkuma isa ergaan ergamaa torbaffaa misirrottii duudhaa warra Pheenxeqoosxee keessaa waamee in ta'a. Yaadadhaa Musee fi Eliyaas Israa'eliin aarsaa araara isa durii, isa aarsaa xobbaallaa, hoolaa, dhiigaa fi re'ootaa isaan dhi'eessan irraa gara Sagalichaatti waamuu dha.

111 Ergaan ergamaa torbaffaa, ergaan malakata wal fakkaataa jalatti ergamee, waan hundumaan mallattoodhu kanaa wajjin wal fakkaataa inni ta'e maal gochuuf ergame? Inni namoota, misirrottii duudhaa warra Pheenxeqoostaalii fi duudhaa biyya lafaa keessaa baasee gara araara dhugaa isa ta'e gara Sagalichaatti, gara Kiristoositti, gara Dubbii isaa isa ifatti mu'ateetti, gara isa foon uffatee nu gidduutti mu'ateetti waamuuf ergame.

Saayinsiin suuraadhaan isa mirkaneessee jira. Waldaan guutummaa biyya lafaa kana in beekti. Nuti cimsinee isa beekna, sababiin isaas Inni kana Gooftaan dubbateera jedhee waan tokko nutti himnaan, wantichi dhugumaan raawwatamaa akka jiru waan beeknuuf. Inni dachaa lagichaatti, “Akkuma Yohaannis cuuphaan ergametti, ergaan kunis....in waama” hin jennee?

Ol jedhee yommuun ilaalu sa'aatii sa'aatii ja'a ta'uu isaan arge. Sa'aatiin halkan walakkaa [akka lakkoofsa yeroo warra Amerikaatti] kunooti, nurra ga'eera yaa firootaa. Caaffanni Qulqullaa'aan attam sirrii akka ta'e argitanii? Guutummaatti attam sirrii akka ta'e—innis….

112 Ilaalaa, jaarmiyaa tokkotu achitti gadi bu'ee Yihudoota waama miti, namoota lamaan sana, Musee fi Eliyaasti isaan waama, raajota lamaan sana ta'a malee.

Amma ilaalaa, warra Ormootaa waamuuf, misirrottii waamee basuuf, Inni akkasuma akka godhuuf Milkiyaas 4 keessatti kakuu galee ture. Macaafni Qulqulluunis bara waldaa torbaffaatti Inni waldaa keessaa akka baafamu dubbateera. Inni waldaa keessaa baafamuuf jira; guutummaatti dukkanaa'uuf deemuuf jira.... Eessatti dukkanaa'a ykn gaaddiddeessa'a? Dukkanichi gara Sirna mana kiristaanaa (ecclesiastical system) kanatti, gara yaa'ii ekuumeenikaalii kanaatti, gara Mana Maree Waldoota Addunyaatti ol seena. Isa, Sagalee Isaa, guutummaatti gadi in baasu. Isaan isaa wajjin walii galuu hin danda'an, akka isaan walii galuu dandeenye ni beektu; isaan garee xixiqqoo naannoo isaanii keessaa wajjin iyyuu walii galuu hin danda'an. Sana irratti immoo akkamitti walii galuuf jiru ree? Kanaafis mallattoo bineensichaa kan biraa in fudhatu, fakkaatti bineensichaaf ta’u tokko ni fudhatu.

Yaadadhaa, fakkaattiin bineensichaaf hojjetame tokko akka ture Macaafni Qulqulluun in dubbata.

113 Ameerikaan kun immoo yeroo hundumaa lakkoofsa kudha sadii turte. Isheen jalqaba bulchiinsa kudha sadi'iin, kolonii kudha sadi'iin, urjii alaabaa kudha sadi'iin, sarara alaabaa kudha sadi'iin hundeeffamte; lakkoofsi kudha sadi'ii immoo yeroo hundumaa dubartii bakka bu'a. Isheen Mul'ata boqonnaa 13ffaa keessatti argamti. Inni Jalqaba irratti hoolaa ture: garraamummaa, bilisummaa dubbii, bilisummaa amantii fi kkf; achiis humna fudhatee humna jawween sun duraan qaba ture hundumaatiin in dubbate. Inni maal ture? Bineensi akka Jawwee sun eenyu ture? Inni Roomaa dha. Ilaalaa, inni milikkita tokko, fakkaattii bineensichaa tokko kan ittiin waldaa Waaqayyoo ishee dhugaa irratti ka'u qaba ture; waldoota (denominations) sana jalatti waan kana ni dhiphisuuf jiru, garuu yeroo isaan kana gochuu jalqabanitti....

Hoolichi misirroo isaa in fudhata

Yoomuu bukkee isaatii hin dhabamtu,

Macci waaqarraa hundinuu walitti in qabamu;

Oo mul'ina ulfina qabeessaa in ta'a,

Qulqulloonni hundinuu adii xurii hin qabne in ta'u;

Yesuusii wajjin bara baraan maaddiirra in taa'u.

(Ameen!)

"Kottaa nyaadhaa" jedhee waama Gooftaan.

"Kottaa nyaadhaa;" ... (Ameen!)

Guyyaa akkamii keessa jiraachaa jirra, sa'aatiin isaa hoo! Kaadhaa, yaa namootaa, lubbuu keessaniif kaadhaa!

114 Amma hubadhaa, gara xumuraattik., tajaajilli akka ergamaa torbaffaa, akka dhugaa baatota lamaan, malakata torbaffaa dhageessifamuu malakata torbaffaa dura in ta'a— malakata ja'affaatti, malakanni torbaffaan utuu hin afuufamin dura argamee....

Amma yaadadhaa, waa'ee malakata isa guddaa kanaatti akkan deebi'u isinitti himeen ture.... Inni as Isaayaas keessatti maalin godha jedhe? Yommus fiinoo guddaan ni afuufama ( amma fiinoo (trumpet) guddaadha malee malakatawwan (trumpets) miti, ayyaana malakatawwanii keessatti isaan laman sun, Musee fi Eliyaas malakatawwaniin isaan in waamu), garuu fiinoo guddaa sana jalatti (dhufaatii Gooftaatu ta'a, deebi'uu Yoseef beeksisuuf ta'a, argitanii?) sabnii hundinuu Yerusaalemitti walitti in qabama jedha. Ameen! Kana Macaafa Isaayaas keessaa argattu; Yeroo muraasa dura isiniif tuqeera, inni s boqonnaawwan dubbisnee turrekeessaa isa tokko. Innis Isaayaas 18:1 fi 3 irratti argama.

Isaayaas 27:12 fi 13 immoo bakka Inni fiinoo sana itti dhageessisuu fi biyyoonni hundinuu Israa'eliif biyya ishee keessatti beekamtii kennaniifidha, Waaqayyo ishee wajjin in ta'a.

115 Sana booda misirrottiin dhirsa misirroo wajjin in taati, dhirsi misirroo misirrootti wajjin in ta'a (sana booda bar kumee guddaan in ta'a, erga addunyaa guutuun humna atoomikiidhaan balleeffamtee booda; bantii waaqaa haaraa fi lafti haaraan ni uumamu) bara baraanis walii wajjin in jiraatu.

Sirritti ilaalaa jala bu'aatii.... Amma, hubadhaa! Tajaajilli Musee fi Eliyaas ni.... Amma, namni hundi hubateeraa? Mee ammas irra deebi'ee nan jedha. Tajaajilli Musee fi Eliyaas malakata ja'affaa fi torbaffaa gidduutti ta'a, raajonni lamaan warri.... Isaan ... Israa'el yeroo hundumaa raajota isaanii ni amanu.

116 Amma, Hafuurri Qulqulluun maaliif natti dubbatee (yeroo ani Inni Ilma Waaqayyoo ta'uu isaa isaanitti agarsiisuuf garasitti deemuuf ol ba'e), "Yeroon isaa amma miti hin geenye" naan jedhe? Gara waggaa shanii dura isan gara Hindiitti qajeele sana ni yaadattuu? Inni, "Hin dhaqin" naan jedhe.

Isaan, "Inni Masihii yoo ta'e, mee milikkita raajii haa hojjetu; nuyi raajota in amanna" jedhan.

Obboleessi keenya Lewi Pethrus fi namoonni kaan Macaafa Qulqulluu sana naaf erganiiru, inni yeroo sanatti Yihudoota Iraanii fi biyya hundumaa irraa gara biyyaatti deebi'aniif Macaafota miliyoona tokko isaaniif hire— yeroo isaan biyya ta'an.

Anis "Yeroon kun yeroo kooti" jedheen yaade. An dursee Kaayiroo, Gibxii ga'een ture. Yeroon Gibxii ga'etti immoo Inni, "Dhiisi, yeroon isaa ammallee hin geenye" naan jedhe. Sana booda dhiiseen gara manaatti deebi'e.

Yaa Waaqa koo!

117 Musee fi Eliyaastu isaan waamuu qaba. Iyyoobeeliin Pheenxeqoosxee ammallee deemaa jira, ykn hanga yeroo kanaatti adeemaa ture, ilaalaa. Amma, ayyaanni malakatawwanii beekamuu qaba. Inni as jiru kun, inni kan Miilkiyaas 4 kun immoo isa achi jiru sanaa wajjin kan wal qabatu miti. Gonkumaa kan wal

qabatu miti. Gonkumaa.

Qalbeeffadhaa! As ilaalaa! Tajaajilli Musee fi Eliyaas Israa'eliin duudhaa Yihudootaa irraa kan jijjiiruu fi kan waamuu dha (dhaggeeffadhaa!), duudhaa Yihudootaa isaan dhagna godhatan irraa (raajota ta'uu isaaniitiin, Isa ni amanu) gara ayyaana araaraatti, gara Kiristoositti kan isaan waamuu ta'a, Kiristoosiin akka beekan kan godhu ta'a. Isaan, “Inni dhufaa jira, Inni asitti ni argama” jechuuf jiru. Yihudoonni walitti in qabamu, waan akkasii in ta'a, achiis yeroo Inni dhufu, “Kunoo asin jira” in jedha. Argitanii?

“Madaan harka keetii kana immoo eessatti madoofte ree?”

“Mana firoota kootiittan madaa'e.”

118 Amma, akkuma raajonni lamaan sun godhanitti.... Yaadadhaa, misirrottiin Ormootaas raajii Eliyaas jedhamu qabaachuu qabdi, akkuma raajonni kun lamaan Yihudoota duudhaa Yihudummaa keessaa gara araaraatti, gara Kiristoositti waaman innis misirrottii duudhaa isaanii keessaa in waama. Warri Ormootaa araaricha duraan dursanii ni beeku, garuu tajaajilli isaa misirroo gara araara isa jalqabaatti, gara Sanbatoonni shantaman kun, yookaan Sanbatoonni torban kun jiranitti, gara iddoo isaan irraa fagaatanitti akka deebi'aniif guyyoota gara dhumaatti isaan waamuu dha.

Torban (dhaggeeffadhaa!), ergamaan waldaa torbaffaa, ergamaan malakata torbanii hundi isaanii raajota. Amma, kun sirrii dha! Kan itti dabalaman (injected) warra 144,000 ti. Waamichi mallattowwanii kan Ormootaa ture....Inni Ormootaaf ture, inni Ormoonni waldaa Ormootaa akka arganiif kan baname ture. Kana qofa beekna; kana qofa dhaggeeffanna; waan duraan dursee raawwatame dha. Nuyi Yesusiin barbaanna.

Ati, “Amma, Obbollees koo Branhaam, mee daqiiqaa tokkoof na dhaga'I, isaan kana gochuuf akka jiran nan amana” jetta.

119 Milikkinni dhumaa Abrahaam (nuti mirroonis sanyii mootii (royala seed) Abrahaam dha), milikkinni dhumaa Abrahaam milikkita isa abdachiifame arge... ilma isa abdachiifame dura milikkinni inni arge maal ture? Waaqayyotu bifa namaatiin itti mul'ate, Isa yaada garaa namaa adda baasee beekuu danda'u arge—nama tokko arge malee nama kudhan miti, inni nama tokko arge. Fakkeessitoonni hammam haa ta'an malee isaan nama tokko qofa qabu turan, kana yaada garaa namaa achi jirus adda baase Nama tokko qofa ture. Wanti itti aansee ta'e hoo maal ture? Abrahaamiifi Saaraan gara dargaggeessa fi dargaggeettiitti geeddaraman. Sana ni beekna.

Amma, wanti akkasii xiqqoo akka isin hudhu nan beeka; garuu yaadadhaa, isa beekuu keessan ni mirkaneeffattu. Macaafa Qulqulluu akkasitti hin dubbisinaa; sarara saraan dubbisaadhaan (argitanii?) suuraan wanta dubbiftanii sammuu keessan keessa akka dhufu godhaa.

120 Qalbeeffadhaa! Saaraan dulloomtuu turte; Macaafni Qulqulluun gadameessi ishee du'ee turejedha. Sirriidhaa? Jireenyi Abrahaam, sanyiin isaa isa keessatti du'ee ture. Sirriidhaa? Amma yaaddhaa, sanyii Abrahaam du'ee isa keessatti du'ee ture. Waggaa afurtama booda garuu dubartii biraa irraa ilmaan dhiiraa torba godhate! Inni maal godhe? Inni qaama isaanii jijjiire.

Ilaalaa. Imala maayilii dhibba sadii deemanii gara Geraaritti gadi bu'an, kun nama dulloome tokkoof imala baayyee dheeraa ture. Saaraan immoo hariiroo maatii qabaachuu illee akka hin dandeenyetu isheetti dhaga'ame. Isheeni, “Anatu....” jette (Erga walitti dhufeenya abbaa manaa fi haadha manummaa addaan kutanii tarii waggaa digdamaa fi isaa ol ni ta'a.) Isheen, “ Ergan dulloomee dadhabee, abbaa manaa koo bira ga'uu iyyuu ree? Abbaan manaa koos lafa guureera mitii ree?” jette.

Inni immoo, “Wanti Waaqayyo gochuu dadhabu jiraa ree?” jedhe.

121 Hubadhaa, maaltu ta'e? Isheen battalumatti gara sahamarree miidhagduu tokkootti jijjiiramte. Achi keessatti kan agarsiisu, Ilma abdachiifame simachuuf sanyii mootii (royal seed) Abrahaam irratti maal gochuuf akka jiru agarsiisa. Isheen gara dargaggeettiitti deebite.... Ilaalaa! Gara Geraaritti yommuu gad bu'an maaltu ta'e? Abiimelek mootichi jaalala isheetiin qabamee,“Isheen bareedduu fi kan nama hawwattudha” jedhee, ishee fuudhuuf murteesse (sirriidhaa?),duraan akkoo lafa guurte kan taate, amma garuu shamarran babbareedoon dachaa sana jiran ishee biratti dolloomoodha—akkoo fakkaatu turan. “Isheen bareedduudha, yommuu ilaalan ija namaatti kan toltu dha.” Argitanii?

Waaqayyo qaama ishee jijjiiree duubatti isaan deebise. Inni dhoksaa guyyaa ammaa kanatti karaa Ilma namaatiin ifatti baafamee mul'ifamuun irra jiru dha(argitanii?), ergaa galgalaa ti, ilaalaa. Duubatti deebi'uu.... Milikkiinni dhumaa isaan argan maal ture? Jijjiiramni qaamaa isaan irratti osoo hin dhufin dura dhoksaa yaada garaa beekuu (discernment) tu ture. Ilmicha simachuu keenya duras maaltu ta'a? “Malakanni Waaqayyoo ni afuufama; warri Kiristoositti amananii du'an dura in kaafamu (dhagna haaraa); nuyi warri utuu hin du'in hafne immoo hamma libsuu ijaa keessatti jijjiiramnee (haleeliyaa!), isaanumaa wajjin qilleensa keessatti Gooftaa simachuudhaaf duumessa keessa ol in butamna.” Dhoksaan ifatti ba'ee beeksifameera; Mallattowwan banamaniiru; Malakkanni Israa'eliif afuufameera; raajonni lamaan

mul'achuuf qophaa'aniiru. Inni maali? Waldaan ammuma ija namaa duraa sokkuu qabdi akka isaan mul'ataniif. Inni yeroo tokkotti lamaan isaanii wajjin hojjechuu hin danda'u; Inni gonkumaa kana goodhee hin beeku, ilaalaa.

122 Oo,yaa obboleessaa! Argaa jirtaa! Sirriitti waan hundumaa waamuuf ... Waldaa amantii (denomination) fi duudhaalee keessaa isaan waamuuf.... Amma, waldaan bara Pheenxeqoosxee xumuramuu argina. Tajaajiltoonni lamaan, tajaajiltoonni Waaqayyoo lamaan Mul'ata keessatti eeraman, raajonni lamaan sun, bakka sanatti mul'achuudhaan malakata torbaffaa isaanitti afuufuudhaan Kiristoosiin isaanitti beeksisuu akka danda'anitti, misirrottiin amma ol ba'uuf karaa irraa kaafamuu qabdi.

Ergamaan (angel) gara ergamaa (messenger)torbaffaatti ergame, "Ilaa hoolicha Waaqayyoo, isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu" jedha. Ilaa Meetodistii koo, ilaa Baaptistii koo, ilaa Pheenxeqoostii koo hin jedha miti; ilaa Sagalicha, ilaa Ilma Waaqayyoo, ilaa Hoolicha Waaqayyoo isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu jedha malee; bu'uurri ykn hundeen kan biraa hin jiru waan ta'eef. Isaanis, "Hanga yoomiitti eegne?" in jedhu. Yihudoonni biyya isaanii keessa jiru; misirrottiin waamamteetti. Akkaataa Caaffata Qulqullaa'oo keessaatti wanti hundinuu sirriitti waanuma Inni abdachiise dha; nuyi qophoofneerra. Yerichi kunoo ga'eera.

Biyyoonni caccabaa jiru; Israa'el dammaqaa jirti;

Milikkinni Macaafni Qulqulluun raajii dubbate;

Guyyoonni Ormootaa dhumaa jiru,

Sodaan ba'aa ulfaataa ta'era,

Oo, yaa isa faffacaattee deebi'i.

Guyyaan furii dhihaateera;

Garaan namootaa naasuun rom'aa jira;

Hafuura Waaqayyootiin guutamaa,

Baattuu ibsaa kessanii qulqulleessaa;

Ol ilaalaa, furiin keessan dhihaateera.

Raajonni sobduu sobaa iru;

Dhugaa Waaqayyoo ganaa jiru,

YesuusKiristoos Waaqayyo keenya ta'uu isaa.

(Kun Sirriidha!)

Garuu faana ergamootaa irra in deemna.

Guyyaan furii dhi'aateera;

Garaan namootaa naasuun rom'aa jira;

Hafuuraan guutamaa,

Baattuu ibsaa keessanii qulqulleessaa;

(Carraa of hin dabarinaa.)

Ol ilaalaa, furamuun keessan dhi'aateera.

123 Raajichi yeroo galgalaa ifni in ta'a jedheera.

Yeroo gara galgalaa ifni in ta'a;

Karaa gara Ulfinaatti geessu dhuguma ni argitu;

Karaan bishaanii keessa har'a ifat jira,

Maqaa qaalii Yesuusiin awwaalamaa.

Dargaggoo fi maanguddoon cubbuu keessan hundumaa irraa qalbii diddiirradhaa;

Hafuurri Qulqulluun dhugumatti isni in guuta.

Ifni galgalaa dhufeera;

Waaqayyoo fi Kiristoos tokko ta'uun dhugaadha.

Nuyi as jirra! Nuyi dhuma guyyichaarra jirra! Kun waan namni gowwaan wayii jedhu tokko miti, Inni isa Gooftaan dubbate dha.

Mataa keenya gadi qabannee haa kadhannu.

124 Yaa Waaqayyo isa araaraan guutuu, Yahwee, yaa Isa Hundumaa Danda'uu, Ati isa gaara Siinaa irratti qaqawweessotee, saba iyyisiifte dha. "Nuyi akka hin dhumnetti , Waaqayyo nuu wajjin akka dhaabatu hin godhin ati Museen nutti dubbadhu ," isaan jennaan, atis Yihowaa guddaan, "Ani raajii isaanii nan kaasa; malee kaana booda akkasitti isaanitti hin dubbadhu" jette . Waan gochuuf jirtus kakuu galtee, isas in raawwatte.Ati Gooftaa Yesuus nuuf kaafte. Inni Sagalicha dha; Inni Sagalicha jetteetta'o. "Sagalichi Jalqaba waan hundumaa dura ture, Sagalichis Waaqayyoo bira ture, Sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. Sagalichu nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate…."

Wantootni Inni karaa raajii isaa Yohaannis odola Phaaximoos irratti raajii nuuf dubbate utuu raawwatuu argaa jirra; hanga qubeen tokko irraa hin hafinittu raawwatamuu isaa argina. Hafuurri Qulqulluun as lafa irratti nu gidduutti mul'achuu isaa ni argina. Waldaaleen amantii (denominations) Isa, Sagalicha waldaa keessaa gadi baasuu isaanii ni argina. Isaan namoota sanaan morman miti, isaan Sagalicha jibban malee; inni faallaa duudhaa isaaniiti, inni akkuma isa yeroo Ati as lafa irra turteeti, Ati Sagalicha turte, Ati duudhaa isaanii waan mormteef iddoo hundumaatti hundumaatti mana sagadaa keessaa gadi Si darbatan.

125 Amma immoo, yaa Gooftaa, tumsa gochuun iddoo hundumaatii dhabameera. Afrikaa Kibbaa iddoon lubbuuwwan tokko tokko akka jiran beeku dhaquuf amma illee yaalaan jira. Bakka hundumaatti, isaan waan na simatan hin fakkaatan yaa Gooftaa. Innis Sababa kootiif miti yaa Gooftaa, sababa ergaa kanaati malee. Garuu, Ati akkas in ta'a jetteetta; akka nuti abdii hin kutanneefis kun nutti akka beekamu gooteetta. Nuyi Sa'aatii keessa jiraachaa jirru ni beekna.

Waaqayyo, namoonni kun ganama kana kutaa ho'aa fi nama waadu kana keessa taa'aa jiru. Isaan itti dhiyeenyaan dhaggeeffataniiru; amma isaa akka hubatan, an hin shakku. Isaan yoo hin argine ta'e, isaanitti mul'isi yaaGooftaa, maaliif fiinoo sana akkan hin fuune naaf hayyamuu akka didde isaan hubachiisi. Inn nuu wajjin waan wal qabatu akka hin qabne nan arga. Akkuma malakata ja'affaa sanaatti wanti hundi ni ta'e, mallattoo ja'affaan banamuu isaas argineerra; akkasumas torban lama dura mul'ata misirrottii fi waldaan maal akka fakkaachuuf jirtuu argineerra, mul'atichas asumatti sabatti himeera. Yaa Gooftaa, akkuma Ati natti agarsiifteetti anis isaanitti himeera. Nuyi kunoo as jirra; kan nuti yaadne caalaatti nutti barfateera.

126 Oo, yaa Abbaa, namoota ganama kana as jiran keessaa namni amantii sobaa tokko tokko fudhate, namni dhiibbaa (influence) ti'ooloojii tokko tokko fudhate, ykn dubbii ti'ooloojii tokko tokkoo fudhate (innis dubbii Waaqayyoo wajjin kan wal faallessu dha) yoo jiraatan; Isaani Kiristoos isa dhugaa, Hafuura Qulqulluu isa dhugaa hin beekan; amma iyyuu Sagalichi isaanitti hin mul'anne, Sagalichi bara kana keessa akkam akka ta'uu qabu isaanitti hin mul'anne; isaan duudhaa qofa argu; isaan ifa ija namaa jaamsu keessa jiraatu. Akkuma saamichi guddaa addunyaa kanaa irratti hojjetamee biyya Ingilizii tti ifa sobaa fayyadamuun raawwatamee ti. Akkuma kana saamichi guddaan waldaan (denomination) keessan raawwatte, yeroo isaan ifa waldaa amantii fudhatanii fi ifa dhugaa Macaafa Qulqulluu isa ta'eKiristoosiin fudhachuu didanitti ture.

Oo, yaa Waaqayyo, isaanitti araarami. Yaa Gooftaa, warra badan oolchi. Maaloo, yeroo xiqqoo qofaafan Si gaafadha Yesus. Namoota jaallannu arganneerra. Yeroo xiqqoo qofa nuuf obsi. Yeroo dhiyootti dhagaan guddaan sun gaara keessaa ni ba'a. Yaa Gooftaa kana nuuf raawwadhu, namni Si hin qabne ganama kana yoo jiraate, inni amma gammachuudhaan ka'ee dhufee Si haa simatu.

127 Akkuma mataa keenya gadi qabannee jirrutti, harka keessan ol kaasaatanii, "Obboleessa keenya Biraanhaam na yaadadhu" utuu jettanii. Iddoo qabnu waan.... Iddoon aarsaa fi iddoon kaanis namaan guutamaniiru. Waaqayyo isin haa eebbisu! "Na yaadadhu...." qofa jedhaa. Waaqayyo isin haa eebbisu! Waaqayyo isin haa eebbisu! Waaqayyo isin haa eebbisu! Qabatamaatti harka dhibbaan lakkaa'aman argaan jira.

128 Yaa Waaqayyo Abbaa, iddoo ta'e tokko gaaddidduu xiqqoo wayiitu jira; yaa Gooftaa, karaa duraa isa kaasi. Isaan kutaa kana keessa taa'anii jiru. yeroo darbe keessatti tarii Seexanni ija isaanii jaamseera ta'a, garuu akkuma guyyoota hedduu dura nu irratti raawwattetti ija isaanii akka bantu Si nan kadhadha. Amma garuu, hundumti keenya akkka arginuuf nu waamte.... Macaafni Qulqulluun isaan jaamaa turan, garuu jamaa ta'uu isaanii hin beekan jedha. Inni, "Qoricha ijatti naqattu Ana irraa akka bitattu si gorsa" jedheera. Yaa Waaqayyo, ganama kana isaan akka arganiif qoricha ijaa ija isaaniitti dibiif. Ammas gad of deebisan, tuuta namoota gad of deebisanii haa ta'an, isaan kan gad of deebisanii, kan hin barannee fi kkf haa ta'an, garuu immoo jalqabattis akkasuma ture. Gooftaa, amma isa argatanii isaaniif kenni. Maqaa Ilma Kee Yesusiin isaan dabarseen Sitti kenna.

Ati immoo, “Dubbii koo dhaga'ee (nan amana yaa Gooftaa, hamma beekumsa kootiitti isaaniitti dubbadheera, isaan isa dhaga'aniiru) isa ana ergetti kan amanu (itti fakkeessuuf kan amanu miti, kan dhugaatti amanu malee—waan Sagalichi jedhetti kan amanu) jireenya bara baraa qaba; inni du'a keessaa gara jireenyaatti darba malee, gara firdii hin dhaqu Inni Dubbii koo dhaga'u (Ani mirkanaa'aa dha Gooftaa, beekumsa koo hunda caalu, isaan dhaga'aniiru), fi Isa Na ergetti amanu (ma-amanuu miti, garuu dhuguma amanu—waan Sagalichi qabu ni amana jedhe), jireenya bara baraa qaba; du'a irraa gara jireenyaatti in darba malee, gara firdiitti hin dhufu” jetteetta. Yohaannis 5:24.

Sa'aatii kana irraa eegalee kan kee akka ta'an godhi, yaa Gooftaa. Sammuu wanti isaan rakkisu sammuu isaanii keessa yoo jiraate, isaan irraa fuudhi. Yoo namni dhukkubsataan nu gidduu jiraate, Hafuurri Qulqulluun guddaan, yaa Gooftaa (Inni as jiraachuu isaa ani beeku, Inni wal tatajjii kana irraa yaada garaa namaa bakkeetti baasee mul'isaa jiru) isaaniif haa ta'u.... Waa'ee kanaa hundi isaanii ni beeku; Akka Ati isaan fayyiftuuf Is nan kadhadha, Gooftaa. Gaaffii isaanii hundumaa isaaniif deebisi.

129 Maqaa dhirsa misirrootiin, maqaa Yesus Kiristoosiin cuuphamanii warra hin beekneef kuufamni bishaanii (pool) banaa dha. Isaan 'denominational ecclesiastical'tti cuuphaman.... Namni tokkollee maqaawwan Abbaa, Ilma, Hafuura Qulqulluutti cuuphamee hin beeku, ykn bishaan itti facaasuu fi wantoota duudhaa waldoota bara kanaatiin, sochii mormituu Kiristoos, fakkaatti bineensichaatiin namni tokko illee hin cuuphamne. Hundeeffamuu waldaa Kaatolikiin dura namni maqaa Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluutiin cuuphamee hin beeku. Macaafni Qulqulluu fi seenaan sana booda jiru hundi maqaa Yesuusiin cuuphamaniiru jedha.

Phaawuloos Galaatiyaa 1:8 irratti “Ergamaan waaqa irraa tokko dhufee Wangeela isa nuyi kanaan dura isinittii kan gargar ta'e yoo isinitti hime, abaaramaa haa ta'u” jedheera. Namoota Yohaannis jalatti cuuphaman sanas, isaan warra Yesusiin cuuphan sana iyyuu, deebi'anii maqaa Yesus Kiristoosiitti irra deebi'anii akka cuuphamaniif Hojii Ergamootaa 19 keessatti isaan abboomteetta. Akkasumas, “Ergamaa waaqa irraa illee yoo ta'e kan biraa isinitti hin himin” jedhameera.

130 Bara dhumaatti ergamaan tokko ni dhufa, inni namoota gara midhaan-mataatti, gara amantii isa jalqabaatti in deebisa. Ergamaan guddaan inni amma nu gidduu jiru, Kiristoos guddichi, Hafuurri Qulqulluun inni nuuf ibsa, inni hubannoo nuuf kenne, inni Sagalicha banee nuuf mul'ise, gara amantii Pheenxeqoosxee isa jalqabaatti akka isaan qajeelchu godhi, yaa Gooftaa. Akkuma Pheexiroos guyyaa Pheenxeqoosxeetti, “ Yaada garaa keessanii geeddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokko tokkon keessan maqaa Yesus Kristositti cuuphamaa” jedhe.Innis bara baraan nama hundumaaf karaa kanaan ture, hanga gaafa waldaan Roomaa wal ga'ii Niqiyaa irratti seera kana jijjiirteetti .

Yaa Waaqayyo, amma nutti araarami. Bishaanni ni qophaa'a, onneen isaanii ni banama; koottu ol seeni Gooftaa Yesus ( nuyi sa'aatii dhumaa keessa jirra), yaa Gooftaa yoo carraan sa'aatii kanatti ol seenuu isaanii jiraate, akka ol seenanis abdiin qaba, nan amanas. Nuti warri isa keessa jirru immoo,yaa Gooftaa, amma waan haaraa haa argannu, sagalee Waaqayyoo karaa Dubbii isaatiin yeroo dubbatu argineerra dhageenyeerras, sa'aatii kam keessa akka jiraachaa jirrus in beekna. Nu harkaa fuudhi, yaa Abbaa! Maqaa Ilma keetiin dabarsinee isaan Sitti kennina. Amma akkuma mataa keenya gadi qabannetti:

Sagalee gadi qabee, hasaasuudhaan Yesuus waamaa jira,

Anaa fi si waamaa jira;

Ilaali, Inni balabalarra dhaabatee nu eegaa jira....

www.messagehub.info

Kan Lallabame
Williyaam Maariyoon Biraanhaam
"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7